



Biiroo Daandiiwwaniifi Loojistikii Oromiyaa dubartootaafi daa'imman rakkoof saaxilaman deggeraa jira

Hizqi'eel Tashoomaatiin

Biiroo Daandiiwwaniifi Loojistikii Oromiyaa Godina Shawaa Lixaa Magaalaa Gudaritti Mana jireenyaa sagantaa tajaajila lammuummaatiin dubartootaafi daa'imman sababa garaa garaan rakkoof saaxilaman deeggaraa jira.

Haaluma kanaan biirichi guyyaa Dheengaddaa Godina Shawaa Lixaa Magaalaa Gudaritti mana jireenyaa sagantaa tajaajila lammuummaatiin ijaare maatiif harka qalleetti tokkoof dabarseera.

Biirichatti Dursaan Garee Idileessa Koorniyaa Aaddee Warqinash Kumsaa akka jedhanitti, Hojii misooma bu'uuraalee daandiifi loojistiikii biiroo kanaan hojjetaman cinatti, sagantaa tajaajila lammuummaatiin hawaasa rakkoof saaxilaman qaqabuuf hojjetaamaa jira jedhan.

Sagantaa kana milkeessuuf, bara 2012 irraa eegalee daa'imman sababa garaagaraan maatii dhaban 46 dhaabbiin deeggaraama jiru jedhanii, bara kanas dubartoota harka qalleeyyii magaalota garaagaraa keessa jiratan 10f manneen bilookeeti baasii qarshii miliyoona 8 caaluun bakka addaaddaatti ijaraama jira.

Kana keessaa guyyaa dubartoota addunyaa "Marach 8" sababeeffachuun Magaalaa Gudaritti furtoon mana jireenyaa bilokeettiin ijaarame dubartii harka qaleettii tokko, harka Hogganaa Itti Aanaafi Ittigaafatamaan Damee Bulchiinsa Daandii Injiinar Taammanaa Taaddasaatiin kan dabarsame yoo ta'u kan hafes xumuruun maatiiwwan bakka addaaddaa jiraniif kan dabarfamu ta'uu ibsaniiru.

Sagantaa dabarsa mana jireenyaa kanaan wal qabsiisuun, Biiroo Daandiifi Loojistiikii Oromiyaa Hojjetootasaa Waajjira Suphaa Daandii Shawaa Lixaatti argaman waliin guyyaa **Gara fuula 14tti**

Kenna tajaajilaa sadarkaa olaanaan fooyyessuuf hojjetamaa jira

Ibsaa Xurunaatiin

Naannoo Oromiyaatti kenna tajaajilaa sadarkaa olaanaan fooyyessuun ittiqufinsa ummataa mirkaneessuuf xiyyeeffannoo kennee hojjetaa

akka jiru Mootummaan Naannoo Oromiyaa beeksise.

Mootummaan Naannoo Oromiyaa naannicha keessatti kenna tajaajilaa mootummaa sadarkaa olaanaan

fooyyessuuf Koree Taaksi Foorsii sadarkaa naannootti hundeessee korichis yeroo yeroon haala kenni tajaajila manneen hojii mootummaa sadarkaan jiranii **Gara fuula 14tti**

Dhalattoonni Oromoo biyya Yuunaayitid Arab Emireet jiraatan kitaabilee gosa adda addaa Biiroo Barnoota Oromiyaatiif deggersa taasisan

Oliifan Raggaasaatiin

Dhalattoonni Oromoo biyya Yuunaayitid Arab Emireet jiraatan kitaabilee gosa adda addaa kuma 20 qarshii miliyoona 50 olitti tilmaamamu Dheengadda Biiroo Barnoota Oromiyaatiif deeggarsa taasisaniiru.

Walitti qabaan waldaa diyaaspooraa Abuu Dhaabii Obbo Abdulnaasir Haroo wayita deeggarsa kana biirichaaf kennan haasaa taasisaniin, waldaan Yuunaayitid Arab Emireet kanaan duras karaa qindoomina qabuun ijaarsa biyyaaf tumsa taasisaa kan turan ta'uu himuun,



barnoonni waan hundaaf bu'uura biyya keenya waan ta'eef nutis gama barnootatiin tumsuu qabna **Gara fuula 14tti**

Kenna tajaajila fayyaa fooyyessuuf hojiileen garaagaraa hojjetamaa jiraachuun ibsame

W.K.Aanaatiin

Godina Shawaa Bahaa aanaa Lumeetti tajaajila fayyaa fayyaa qulqulluu, qaqqabamaafi si'ataa ta'e hawaasaaf kennuuf hojjetamaa jiraachuu Waajjirri Fayyaa Aanichaa ibse.



Ittigaafatamaan Waajjirichaa Obbo

Gammachuu Taaffasaa akka himanitti mootummaan kenna tajaajila fayyaa fooyyessuun ummata fayyadamaa taasisuuf Inisheetiivota adda addaa bocuun hojiirra oolchaa Jira.

Akka Aanaa Lumeetti sagantaa ekisteenshinii fayyaa hojiirra oolchuufi kenni tajaajilaa hawaasatti akka dhiyaatuuf **Gara fuula 14tti**

Gumaata Gumaata Gumaata
Gumaata Gumaata Gumaata
Gumaata

Gumaata



Dhiphina sammuu ofirraa ittisuuf

- Nama waliin walitti dhufeenya qabaadhu. Namni qofaa jiraatuufi yeroo gammaduufi gaddu nama waliin haasa'uu hin qabne carraan rakkoo sammuu qabaachuusaa ol ka'aadha.
- Wantoota si dhiphisan adda baasii beeki. Wantoonni si dhiphisan tokko tokko kan dhabamsiisuu dandeenyudha. Kanneen qaama jireenya keenyaa ta'aniifi dhabamsiisuun hin danda'amne immoo dursinee itti qophaa'uufi of to'achuun furmaata
- Hawaasa keessa jiraattuuf bu'aa buusi. Namoota naannoo keetti argaman gargaaruufi jireenyasaniin jijjiiruun gahee ati addunyaa kana keessatti qabdu sitti argisiisa. Jijjiiramu, gargaaramuufi fayyadamuu ollaakeetii, hawaasa keetiifi sababa yoo taatu, ofiikeetti gammadda.
- Fedhii kee namoota muraasatti himadhu, kansaaniis dhaggeeffadhu. Kunis namoonni fedhii siin walfakkaataa qaban akka jiran sitti argisiisuudhaan qaama hawaasaa akka taate . namoonni akka keetii akka jiran sii mul'isa. Qaama hawaasaa ta'uun ammoo dhiphina sammuu hedduu namarraa ittisa.
- Boqonnaa qabaadhu. Hammam hojiin yoo sitti baayyatellee boqochuuf yeroo qabaadhu. Yeroo hirribaa akka salphaatti ilaaltee ofirraa hin hanqisiin. Hirribni gahaan fayyummaa sammuutiif gahee guddaa qaba.
- Waan keessa jirtu sirriitti hubadhu. Yeroo baay'ee namoonni dogoggora yeroo darbee yaaduufi rakkoo

fuulduratti itti dhufutti yaadda'uu malee waan amma kana keessa jiran hin yaadan, hin yaadatanis. Waa'ee guyyaa har'a keessa oollee, waa'ee aduu har'a baatee dhiitee, waa'ee waan har'a hojjechaa oollee yoo yaadne miidhama keenya nuuf hir'isa.

- Fayyummaa qaama keetiif of eeggadhu! Rakkoon sammuufi miidhamni qaama yeroo baay'ee walitti hidhata. Kanaaf ispoortii hojjechuu, nyaata sirriitti nyaachuu, muuziqaa jaallattu dhaggeeffachuufi waliin shubbisuu, haga dandeessetti fayyummaa qaama keetii eeggachuun sammuu kee nagaa taasisa.
- Waan haaraa hojjechuu ykn baruu yaali. Jireenya kee keessatti yoo waan haaraa bartu ykn hojjettu, jireenyi kee irra deddeebii ta'ee si hin nuffisiisu. Miiirri fiixa ba'umsaa, mo'ichaa, gammachuufi ofitti amanamummaa waan haaraa baruu keessaan argamu.
- Gargaarsa gaafachuuf duubatti hin jedhiin. Namoonni hedduun gargaarsa gaafachuun mallattoo mo'amu yookaan kufaati, dadhabina itti fakkaata. Kun tasumaa dhugaa miti. Kanaaf rakkina kam keessattillee gammachuudhaan gargaarsa gaafachuun mo'amu osoo hin taane injifachuudha. Rakkoo sammuun dhiphachuu kanallee taanaan gargaarsa gorsaa gaafachuun furmaata guddaadha. Kan dubbisnerraa.

Wajjira Kominikeeshiinii Aanaa Laaloo Qileerraa, Qellem Wallaggaa

Kenni tajaajilaa itti quufinsa ummataa safarama

Manneen hojii mootummaa keessatti tajaajila qulqulluu, si'ataa, haqa qabeessaa, dhaqqabamaafi itti quufinsa ummataa mirkaneessuu dandeessisu kennuun dirqama manneen hojiifi ogeeyyiiti. Lammiileenis kadhatanii tajaajila kan argatan osoo hin taane naamusaafi danbii mana hojii karaa eegeen tajaajila barbaadan argachuu qabu. Tajaajillis fayyadamummaa lammiilee kan mirkaneessuufi bilisaan lammiileef kennamuu qaba.

Tajaajilli sirriin kennamuun fudhatamummaa mootummaan hawaasa keessatti qabu kan dhugoomsuufi agarsiiftuu sirna dimookiraasiiti. Qajeelfamaafi seeraan alatti tajaajila gaafachuun garuu faallaa haqaafi guddina biyyaa ta'a. Hojjetaan kenna tajaajilaa gufachiisuun yookiin tajaajilamaa deddeebisuufi bu'aa dhuunfaaf kaachuun fayyadamummaa ummataa danquu qofa osoo hin taane gufuu milkaa'ina karoora xiiqiiti. Kanaafuu, hojjetaan mootummaa sadarkaan jiru hunduu hawaasasaa karaa naamusa mana hojiisaa eegeen tajaajiluuf dirqama qaba. Horaa Bulaa!

Abbaabbuu Ukkumee Bariisootiin, Wajjira kominikeeshiinii Magaalaa Dodolaarraa-Arsii Lixaa

Haqaqabeessummaa seera . . .

Dhaaba daldalaa irratti wabiifi qabsiisa taasifamu seerri daldalaa kwt 179fi itti fufanii jiran irratti mirga daldala wabiin qabsiisuun akka dandaa'amu tumee jira. Heerri Mootummaa RDF Itoophiyaa erga bahee as garuu qaawwaa dhaabbilee daldalaa irratti mul'atan guutuufi sochii diinagdeef haala mijataa uumuuf aadaan dhaabbilee daldalaa qabsiisuun baankiirraa maallaqa liqeeffachuun akka guddatu gochuuf labsiin lak 98/90 bahee hojii irra erga oolee waggoota kudhan lakkoofsiseera.

Haaluma kanaan, labsicha kwt 2 (1) irratti dhaabbata daldalaa jechuun seera daldalaa bara 1952 baherratti dhaaba daldala ibsamedha jechuun hiika kan itti kenne yoo ta'u kwt 2(5) irratti nama jechuun nama uumamaa yoo kaan qaama mirgi qaama seerummaa kan kennaman jechuudha.

Dhaabbata daldalaa tokko akka qabsiisaatti galmeessuuf qaama hayyama daldalaa kennurraa hayyama argachuun barbaachisaadha. Galmaa'uuf safartuuwwan labsichaa kwt 5fi 6 irratti kaa'aman guutamuu qabu. Qabsiisa wabummaaf bu'uura seera daldalaa kwt 175 (1)(e)fi 178(1)(g) qabeenyawwan kennamanirratti mallattoo addaa baasuu akka godhamu taasisuun ni danda'a.

Seerri daldalaa kwt 189 yoo jiraates bu'uura labsichaa kwt 13tti namni qabeenya isaa qabsiisa kenne maallaqa irraa barbaadamu baankiif utuu hin kaffaliin yoo hafe akeekkachiisa guyyaa 30 gadi hin taane abbaa idaaf kennuun qabeenyichi caalbaasiin akka gurguramu yoo kaan guyyaa caalbaasiin gaggeeffame isa jalqabaatti qabeenyichi hin gurguramnes yoo ta'e hanga maallaqa isaatti gara maqaasaatti nanneffachuu

ni danda'a. Labsiin kun Itoophiyaan adeemsa duraan hordofaa turte qabeenya mana murtiin gurgursiisuun liqaa kaffalchiisuurraa gara adeemsa abbaan mirgaa qabeenya qabsiifame ofiin gurguree maallaqasaa deeffatutti akka ce'u taasissee jira.

Labsiin kun gara boodaatti deebi'ee tahus inni qabaachuu qabu ilaalchisees kwt 14 irratti qabsiisa dhaabbilee daldalaa bu'uura seera daldalaatiin taasifamee ture baankiin akeekkachiisa guyyoota 30 kennuun qabeenyicha gurguruu akka danda'u mirga kenneefii jira.

Baankiin qabeenya wabiin qabatee jiru caalbaasiin yeroo gurguru bu'uura seera daldalaa kwt 394-449tti sirna caalbaasichaa to'achuun mirga abbootii liqaa eegsisuu akka qabu seerri ni akeekkachiisa. Dhimmi mata duree kanarratti ifa ta'uu qabu tokko haala galmee qabsiisa qabeenyaa ilaalchisee adeemsa lamatu jira. Baankiin dhaabbilee daldalaa wabiin kan qabsiisu yoo ta'e waliigalteen kun bu'uura labsichaatiin kan raawwatu ta'a. Namoota dhuunfaa wajjiin taanaan garuu bu'uura seera daldalaatiin gaggeeffama. Qabeenya wabiin qabsiifame gurguranii kaffaltii liqaaf oolchuu jechuun maal maal akka ta'e haala armaan gadiin ibsameera.

Qabeenya qabsiifame haalawwan kaffaltii liqaatiif oolchan keessaa tokko qabsiisa kaffaltii liqaaf oolchuufidha. Haalli qabeenya qabsiifamees kaffaltii liqaaf oolchan kun namni qabeenya wabiin qabate gara maqaasaatti akka naanna'uuf iyyata mana murtiitti dhiyeessinaan abbaan liqaa yeroo raawwii m/murtii keessatti kaffaluu hin

dandeenye yoo ta'e mirga qabeenya sanarratti qabu yeroo dhumaaf kan dhabu haala itti ta'uudha. Ciminni qabsiisa kaffaltii liqaaf oolchuu namni qabeenyicha qabatee jiru kaffaltii liqaaf qabeenyicha akka fudhatu kan hayyamu yoo tahan qabeenyicha gurguruuf baasii baasu hir'isuutti ida'ee yeroo falmiifi kaffaltii adeemsa hambisuu waan ta'eef abbaa maallaqaatiif faayida qabeessa.

Dadhabina adeemsi kun qabu ilaalchisee yeroon liqaa itti kaffalan waan xumurame qofaaf qabeenya qabsiifame abbaan liqaa qabeenya qarshii liqeeffatee ol ta'uu akka dhabu isa taasisa; abbaa maallaqaa qabeenya isaaf hin malle akka kuufatu isa taasisa. Adeemsi qabsiisa kaffaltii liqaaf oolchan kun yeroo ammaa kana fudhatama dhabaa jira.

Murtii mana murtiitiin qabsiisa kaffaltii liqaaf oolchuun adeemsa qabeenya qabsiifame ajaja mana murtiin gurguruun liqaa erga kaffalanii booda maallaqa hafe abbaa liqaatiif adeemsa itti deebisaniidha. Adeemsi kun seera hariiroo hawaasaa kwt 2851fi 3060fi labsii lak 65/89 keewwattoota kanneen fooyyessuuf bahe akkasumas seera daldalaa/f/h/h kwt 394-449 tumaalee jiran bu'uura gochachuun adeemsa biyya keenyatti kan ittiin hojjetamaa jirudha.

Ciminni murtii mana murtiitiin qabsiisa kaffaltii liqaaf oolchuu qabu adeemsi gurgurtaa qabeenya qabsiifame to'annoo m/murtiifi haala seerri ajajuun kan raawwatu waan ta'eef maallaqni kaffaltii liqaarraa hafe nama qabeenyicha qabsiisa kennee ture sanaaf, akka deebi'u ni taasifamaaf. Abbaan maallaqaa qabeenya qabatee jiru **Gara fuula 19tti**

Wabii nyaataa mirkaneessuun humna al-ergii keenya guddisuuf xiiqiin hojjenna!

Kallacha Oromiyaa

Bara 1986 hundeeffame
Torbanitti al tokko guyyaa Kamisaa,
Biirroo Kominikeeshiinii Oromiyaatiin maxxanfama

Qindeessaafi Gulaalaa Muummee
Addunyaa Hayiluu
Itti aanaa Gulaalaa Muummee
Masarat Amanaa

Leyi'aawutiifi Dizaayinii
Yewubnesh Kabbadaa

Qopheessaa Beeksisaa
Guddataa Dhaabasaa

Lakk. Saan. Pos. 8741 E-mail kellechaoromiya@gmail.com Websayitii:- www.kallachaoromiya.org Face Book:kellecha Oromiya Finfinnee Oromiyaa

Dubbii Ijoo

Tajaajila haqa qabeessaafi si'ataa kennuun itti quufinsa lamilee mirkaneessuun murteessaadha!

Mootummaan tajaajila haqa qabeessa, ariifataafi qulqullina qabu lammileen akka argataniif tarkaanfilee adda addaa fudhataa jira. Keessattu iddoo hojii tajaajila hawwataa ta'e kennuuf oolu mijeessuufi qaamota tajaajila kennaniif hubannoo kennuurraa jalqabee qaama tajaajila kana sirnaan hin kenninetti tarkaanfii barsiisu hanga fudhatutti socho'aa jira.

Qaamni tajaajila kennus ittigaafatamummaa irra jiruufi mirga lammileen tajaajila argachuu akka qaban hubachuun ofkennanii si'oominaafi haqaan miira jaalala lammiileefi biyyaan guuteen itti quufinsa hawaasaa mirkaneessuuf nuffiifi mufii tokko malee hojjechuudha. Haala kanaan hojjechuun kenna tajaajilaa hawaasni keenya barbaadu mirkaneessuun rakkoolee bulchinsa gaarii mul'atu bu'uura irraa hiiknee imala badhaadhina biyya keenyaa milkeessina jechuudha.

Waanti hubatamuu qabu istaandardiin hojii kamuu dhimmoota afur jechuun ariitii, qulqullinaa, baay'inaafi kalaqa kan hammatamuu qaba.

Fedhiifi hawwii hawaasa keenyaa guutuun itti quufinsi hawaasichaa akka mirkanaa'uuf kenni tajaajilaa dhaabbilee mootummaafi mit-mootummaa keessatti kennamu murteessaa ta'uu hubannee qaamni hojjechiisuufi hojjetu tajaajila si'ataa, qulqulluufi haqa qabeessa ta'u kennuun aantummaa hawaasichaa qabnu agarsiisuuf yeroo kamuu caala kutannoof xiiqiin hojjechuu nu gaafata.

Dhaabbileen mootummaas ta'e mit-mootummaa itti quufinsa lammilee mirkaneessuuf uummanni imaammata, tarsiimoo, sagantaafi karoora mootummaa irraa akka fayyadamu taasisuuf hojjechuu qabu.

Mootummaan Naannoo Oromiyaa yeroo ammaa kana xiyyeeffannoo olaanaa dhimma kenninsa tajaajilaa kanaaf kennuun kenna tajaajila lammilee mirkaneessuun rakkoolee bulchiinsa gaarii hiikuuf hojii hojjechaa jiruun hooggansi Naannoo keenyaa hundi torbeetti guyyaa sadi teessoo isaa irra taa'ee maamila simachuun akka tajaajiluufi hojjettoonnis guyyaa hojii mootummaa yeroo osoo hin qisaasessin akka tajaajilan kallattiin kaa'uun hojii qabatamaa keessa galee hojjechaa jira.

Bu'uuruma kanaan yeroo ammaa kana iddoodhaa iddootti fooyya'insi gaariin mul'achaa kan jiru yoo ta'u karoora imala badhaadhinaa akka biyyaatti qabame milkeessuuf kenna tajaajilaa si'ataa, qulqulluufi haqa qabeessa hawaasa keenyaaf kennuun murteessaa ta'uu hubachuun bakka hojjennu hundaatti of kenninee xiyyeeffannoon hojjechuun baay'ee barbaachisaadha!



Qellem Wallaggaatti barattoonni kumni 49 ol qormaata biyyaalessaa bara kanaaf qophaa'aa jiru

W.K.M. Godinichaatiin

Godina Qellem Wallaggaatti bara kana barattoonni kumni 49 ol qormaata biyyaalessaa fudhachuuf qophaa'aa jiraachuu Waajjirri Barnootaa Godichaa beeksise

Itti Gaafatamaan Waajjira Barnootaa Godinichaa Barsiisaa Tasfaa Bariisoo godinichatti barattoonni kutaa 6^{ffaa}, 8^{ffaa} fi 12^{ffaa} baratan kumni 49 fi 826 bara kana qormaata biyyaalessaa fudhachuuf qophaa'aa jiraachuu dubbataniiru. Qophiin kunis, akka godinichaatti manneen barnootaa kutaa 6^{ffaa}n 390, 8^{ffaa} 348fi kutaa 12^{ffaa} 49 keessatti taasifamaa jiraachuus ibsaniiru.

Barattootni Mana barumsaa Birhaane Yesuus Magaalaa Danbidoolloo kutaa 6^{ffaa} fi 8^{ffaa} yaada kennan tokko tokkos qormaata biyyaalessa bara kanaaf ciminaan qophaa'aa jiraachuu himaniiru. Barattoonni kunneen hanqinni kitaabaa akka furamuufi meeshaaleen yaaliif barbaachisan manneen barnootaa keessatti guutamuu akka qabus gaafataniiru. Manni barumsaa kun barattoota qabxii gaarii qaban adda baasuun barnootasaaniitti caalaatti akka jabaataniif badhaasaa qarshii kuma 20 hanga 5 kennee jira.

Maatiin barattootaas barattootasaaniif yeroo kennuufiin meeshalee barnootaaf barbaachisan guutuufiin qormaata biyyaalessaaf akka of qopheessan taasisaa jiraachuu himaniiru. Barattoonnis suusiiwwan adda addarraa bilisa ta'anii barnootasaaniitti cimanii akka ba'aniif ga'een maatiifi barsiisaa olaanaa ta'uus dubbataniiru.

Barsiisonni mana barumsichaas yeroo barnootaa idileen alatti dabalataan barsiisaa jiraachuufi akaakuu barnootaa hundarratti gaaffilee qopheessanii akka qayyabatan taasisuun barattoota qormaata biyyaalessaa baranaaf qopheessaa jiraachuu himaniiru.

Barattoonni qabxii gaarii galmeessuu akka danda'aniif tumsa barbaachisuu hundaa gochaa jirra kan jedhan ammoo Qindeessaa Mana barumsichaa Barsiisaa Mikaa'el Abarraati. Kaayyoon barattoota qabxii gaarii galmeessan badhaasuus barattoota birootti hamilee horuuf akka ta'e dubbataniiru. Keessattuu, barattoota shamarraniif deggersi addaa taasifamaafi jiraachuu Barsiisaa Mikaa'el himanii, hanqinoota barattoonni dhiheessan furuuf hojjechaa jirra jedhaniiru.

Daldalli siyaasaa farra ol-aantummaa seeraafi heera mootummaa keenyaati!

Beeksisa

Arsii

Obbo Tasfaayee W/Yohaannis Maammoo Magaalaa Asallaa ganda 14 keessatti iddoo mana jireenyaa mirkinaa’eefii qaban waraqaan ragaa abbaa qabeenyummaa Lakk. Kaartaa isaa 19421/102/84 ta’een galmaa’ee naaf kenname waan najalaa badeef kan biraa akka naaf kennamu jechuudhaan nu gaafataniiru. Kanaafuu,namni ragaa kana arge ykn sababa aadda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahe irraa kaasee guyyaa 20 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaa abbaa qabiyyee kan biraa kan kennamuuf ta’uuni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Asallaa.

Obbo Magarsaa Gammadaa Magaalaa Asallaa ganda 03 keessatti iddoo mana jireenyaa mirkinaa’eefii qaban waraqaan ragaa abbaa qabeenyummaa Lakk. Kaartaa isaa 19510/153/85 ta’een galmaa’ee naaf kenname waan najalaa badeef kan biraa akka naaf kennamu jechuudhaan nu gaafataniiru. Kanaafuu,namni ragaa kana arge ykn sababa aadda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahe irraa kaasee guyyaa 21 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaa abbaa qabiyyee kan biraa kan kennamuuf ta’uuni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Asallaa.

Obbo Wondasan Addunyaa B/B Bakar Kab/Musxafaa kan jedhaman Kaartaa Lakk.isaa 05700 ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraan bakka bu’ee naaf haa hojjatamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu, namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaan kan biraa bakka buufnee abbaa dhimma kanaaf hojjatamee kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Dheeraa.

Obbo Gabramadiin G/Tsaadiqiitiif

Bakka Jirtanitti

Iyyattuun Aadde Burtukaan Gabaramadiiniifi waamamaa isin jidduu waa’ee murtii badiinsaa jiru ilaalchisee waamamaan kun mana murtii kanatti waan himatamtaniif beellama gaafa 29/06/2016 sa’aatii 5:00irratti akka dhiyaattan ta’ee, dhiyaachuu baannaan iyyattuuf murtiin badiinsaa kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna. M/M/A/Heexosaa.

Obbo Korree G/Yohaannis kaartaan lafa mana jireenyaa magaalaa Shaashamannee ganda Burqaa Guddinaa keessaa qabanii lakk. kaartasaa 117, bal’inni iddoo M² 500, lakk.iddoo 29-4, sadarkaansaa 1^{ffaa}, dheerinni gamoo G+0 ta’e maqaasaaniitiin galmaa’ee jiru na jalaa badeera waan jedhaniif sababa addaa addaatiin namni kaartaa kana qabate yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo hin dhiyeessine kaartaa biraa bakka buusnee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Shaashamannee

Baale

Aadde Mahder Siraak Magaalaa Ginidhiir ganda odaa keessatti Nagahee mirriitii Lafa mana jireenyaa Lakk. isaa 416549 ta’een galmaa’ee naaf kenname waan na jalaa badeef kan biraa akka naaf kennamu jechuudhaan nu gaafataniiru. Kanaafuu namni ragaa kana arge ykn sababaa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahe irraa kaasee guyyaa 30 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaan kan biraa bakka bu’ee kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Gindhiir.

Iyyataan Obbo Umar Bayyanaa mana jireenyaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa ganda 01keessatti bali’inni lafaa isaa 500M² irratti maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu irraa hirisanii kaaree meetira 250M² ta’e Obbo Gizaawu Qaanqeetti waan gurgurataniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee bultii 20keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate jijjiirraa maqaa kana kan raawwannuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Maliyyuu Burqaa.

Obbo Simee Tulamee Badhaanee mana jirrenyaa Magaalaa Alii ganda 01 keessaa qaban Lakk. Kaartaa isaa 2061/2016 ta’eefi Lakk. Seerii 0545275 ta’e bali’inni lafa isaa 274M² irratti argamu Obbo Amana Xilaahuunitti gurgurataniijijjiirraan maqaa akka raawwatuuf gaafataniiru. Kanaafuu, kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 dura yoo hin dhiyaatiin jijjiirraan maqaa kun kan raawwatamuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Magaalaa Alii.

Aadde Moominaa Huseen Balaaltoo mana jirrenyaa Magaalaa Alii ganda 01 keessaa qaban Lakk. Kaartaa isaa 808/2014 ta’eefi Lakk. Seerii 0487499 ta’e bali’inni lafa isaa 480M² irratti argamu Obbo Ballaxaa Dastaa Roobiitti gurgurataniijijjiirraan maqaa akka raawwatuuf gaafataniiru. Kanaafuu, kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 dura yoo hin dhiyaatiin jijjiirraan maqaa kun kan raawwatamuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Magaalaa Alii.

Obbo Ibraahim Muhaammad Aloo mana jirrenyaa Magaalaa Alii ganda 01 keessaa qaban Lakk. Kaartaa isaa 2068/2016 ta’eefi Lakk. Seerii 0678410 ta’e bali’inni lafa isaa 400M² irratti argamu Aadde Buzunash Hayiluu Abdiitti gurgurataniijijjiirraan maqaa akka raawwatuuf gaafataniiru. Kanaafuu, kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 dura yoo hin dhiyaatiin jijjiirraan maqaa kun kan raawwatamuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Magaalaa Alii.

Booranaa

Obbo Huqqaa Baggajaa fi Aadde Diiramuu Haphii Liiban qabeenyummaa isaanii kan ta’e mana jireenyaa Lakk.Sayit pilaanii 2469/BMN/01/01/01 ta’e lafa kaareemeetira 200 irratti Magaalaa Nageellee Booranaa ganda 03 keessatti argamu Mintasinoot Birhaanuutti gurguradheera waan jedhaniif, kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaanne gurgurtaan kun kan mirkanaa’uuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Nageellee Booranaa

Buunnoo Beddellee

Obbo Baqqalaa H/Maariyaam waan du’aniif mana jireenyaa Magaalaa Beddellee ganda (01) Shuuramuu Gootaa keessaatti qabeenyaa hin sochoone maqaa isaaniitiin galmaa’ee lafa bali’ina isaa 337M² irratti argamu dhaaltota isaanii kan ta’an 1^{ffaa} Obbo Daani’eel Baqqalaa 2^{ffaa} Aadde Misraaq Baqqalaa dhaaltota sadarkaa duraa ta’uu isaanii mana murtiitiin murtaa’eeraaf. Haata’u malee Obboleessa isaanii kan ta’e Obbo Xilaahuun Baqqalaatiif bali’ina lafaa 217M² akka fudhatu kan irratti walii galan yemmuu ta’u 1^{ffaa} Obbo Daani’eel Baqqalaa fi Aadde Misraaq Baqqalaatiif immoo mana guddaan keessa kan jiran gara karaa Asphaaltiitti bali’ina lafaa 120M² akka qooddatanu irratti walii galaniiru. Kanaafuu, kan mormu ykn mirga qabeenyaa kanarraa kan qabu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa eegalee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo hin dhiyaanne ta’e jijjiirraa maqaa kanaa kan raawwannuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Beddellee.


Obbo Qaadiiree Bantii mana jireenyaa balbala tokko Magaalaa Yemberoo zoonii Burqaa keessaatti argamu B/sa Asiraat Ittaanaa Sirnaatti waan gurgurataniif jijjiirraan maqaa nuuf haa raawwatu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu, kan mormu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa eegalee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Aanaa Dhiddheessaatti M/Q/ Magaalaa Guddattuu Yemberoo.

Obbo Gabree Adeelloo mana jireenyaa Godina Bunnoo Beddellee Aanaa Cooraa Magaalaa Qumbaabee ganda 01 keessaatti qabeenyaa hin sochoone Lakk. Kaartaa isaa ----- ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee lafa bali’ina isaa --- irratti argamu Obbo Faantaa Malaakuutti kennaadhaan waliigaltee waliif mallatteessaniiru. Kanaafuu, kan mormu ykn mirga qabeenyaa kanarraa kan qabu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa eegalee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo hin dhiyaanne ta’e jijjiirraa maqaa kanaa kan raawwannuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Aanaa Cooraa.

Gujii

Obbo Shifarraa Gammadaa mana Daldaalaa Lakk.isaa Aw/BB/124 ta’e rammaddii tajaajila iddoo (zoning) mana Daldaalaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu ganda B/Biluu keessatti qabeenyaa hin sochoone lafa bali’inni isaa kaareemeetira 400M² irratti argamu Lakk. Kaartaa isaa 1381/2007 ta’e Aadde Salaam Dassaalenyitti gurguranii waliigalteen akka ragga’uuf iyyannoo isaanii dhiyeefataniiru. Kanaafuu, jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesinuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Woyyuu.

Qabeenya uumamaa itti fufiinsaan kunuunsuun, dinagdee magariisaa jijjiirama qilleensaa damdamatu ijaarra!



Sirna Buttaa Qaluu - Daallee Sadiitti

Ummanni Oromoo jaarraa hedduudhaa jalqabee jiruufi jireenyasaa kan ittiin qajeelfataa ture sirna Gadaa akka qabu beekamaadha. Sirni kunis jiruufi jireenya sabichaarraa gargar bahee ilaalamuu hin danda’amu. Kunis sirni Gadaa wantoota hedduu dhimmoota hawaasummaa, dinagdee, siyaasaafi amantaa of keessatti waan qabuuf sirna Gadaafi Oromoo adda baasanii ilaaluun hin danda’amu. Haaluma kanaan calaqqeewwan sirni Gadaa of keessaa qabu keessaa akka fakkeenyaatti Irreecha, Ateetee, Siinqee, Gumii seera tumuu, Buttaa Qaluu, Baallii dabarsuu, ardaa jilaafi kkf qaama sirna Gadaa Oromooti.

Sirni Buttaa Qaluu mallattoo qophii aangoo **Maalummaa Buttaa Qaluu**

wal harkaa fuuchuu akka ta’e ragaaleen garaagaraa ni ibsu. Sirni Gadaa waggaa saddeet saddeetiin naanna’uusaa hordofee sirni Buttaa Qaluus akkuma kana yammuu baallii wal harkaa fuuchuuf waggaan tokko hafu kan raawwatu yoo ta’u, gabaabumatti mallattoo aangoo wal harkaa fuudhinsaati.

Barbaachisummaa Buttaa Qaluu

Gadaan aangoo fudhachuuf jedhu duree sirna Buttaa Qaluu waan raawwatuuf haalduree xumuruuf faayidaa olaanaa kan qabudha. Kana malees, akka maanguddoonni ibsanitti wantoota karaa maqan ni qajeelcha. Fakkeenyaaf bara Buttaan qalamu dubartiin wayyaa hin soqolattu, dhiirri immoo surree hin dachaafatu, rifeensas asii gadi hin filatan, ol malee jedhama.

Kana malees, uffata halkaniillee dachaasanii hin uffatan, diiganiif uffatu, ulee jal’aan ykn hokkoon hin qabatamu-ulee qajeelaatu qabatama. Wantoonni dhorkaman kun hunduu sababoota mataasaaniif raawwatu. Fakkeenyaaf ulee jal’aan bara sana yoo qabatame safuu qaba, baratu jal’ata jedhama. Kanaaf hin qabatamu.

Gama biraatiinis bara Buttaan qalamu wal dhabdeen hin taa’amu. Jaarsatu dhugaa ilaalee araarsa. Murtii jaarsi kennu fudhachuun immoo dirqama jedhama. Waanti bara kana raawwatu kan biroon immoo ilma abbaa dideefi dubartii abbaa manaa didde dhugaa ilaalanii qajeelchu.

Qophiifi adeemsa Buttaa Qaluun ittiin raawwatamu

Sirni qophii Buttaa qaluu kan adeemsifamu buttaan qalamuuf waggaan tokko wayita galutti kan eegalamudha. Kunis namichi ykn gareen bara itti aanu buttaa qaluuf jedhu waggaa tokko dursee kan itti qophaa’udha. Fakkeenyaaf bara dhufu akka buttaa qaluuf jedhu of beeksisa. Dhimma

kanas maanguddoonni wayita ibsan namni bara dhufu buttaa qalu bara kana coqorsa mataa keessa suuqqatee, dhadhaa dibatee, eeboo jinfuu qabatee, alangaa harkasaatti qabatee bakka gabaa dhiyoo isatti argamu deemee gabaatti naanna’a jedhama. Mallattoon nama bara dhufu Buttaa qaluu kanarratti beekama jechuudha.

Itti aansuudhaanis hukootu hidhatama. Hukoo jechuun namoota (garee) Gadaa tokko keessatti argaman kan waliin buttaa qaluuf qophaa’an jechuudha. Akkaataan qophii garee kanaas namoota gadaadhaan wal fakkaatu ykn gadicha keessa jirantu taa’ee mari’atu. Isa booda eenyu akka qaltuu ta’u of keessaa filatu. Ergaa filatanii booda warreen hafan guuree ta’u.

Guuree jechuun Gadaansaanii baruma sana keessa yoo ta’ellee Buttichi bakka tokkotti raawwachuu waan qabuuf waggaa namichi qaltuu ta’ee filatame sun korma buttaaf ta’u qopheessuuf dirqama fudhata.

Kormi kun korma Buttaa jedhama. Kormi buttaa horii mudaa qabdu ta’uu hin qabdu. Horii bifa tokkoo guutuu ta’uu qaba.

Kunis nama tokko gaafuma qaltuu godhatanii filachuuf mariin godhamu namni kun korma qopheessuuf dandeettii akka qabu ilaalanii filatu jechuudha.

Sirnoota guyyaa Buttaan qalamu raawwataman

Qophiin yeroo dheeraa ykn waggaa tokkoo booda erga guyyaan buttaa qaluu jala gahee warri hukoo hidhatan akkuma gaafa duraa taa’anii mari’atanii guyyaa itti qalan murteeffatu.

Guyyaan kun akka maanguddoonni naannoo jedhaniitti guyyaa qulqulluu ta’uu qaba jedhu. Akka naannoo kanaatti guyyaa qulqulluu kan jedhamu kanneen cagginnoo hin taane jechuudha. Guyyoonni kunneenis Facaasaa (Kibxata) Kamisaafi Sanbata guddaa (Dilbata) faadha.

Erga guyyaan baallamame gahee obdii namicha qaltuu ta’ee filatame keessatti muka urgeessaatu naanna’ee dhaabbata. Isa booda korma buttaaf qophaa’e fidanii muka urgeessaa kana keessa ijaajjisuu.

Namoonni hukoo hidhatanis ni dhiyaatu. Inni qaltuu ta’ee filatames ni dhiyaatu. Erga wal gahanii dhiyaatanii booda hundumtisaniin korma kanarraa harkasaanii kaa’uun akkas jedhu, danboobi, danboobi korma kanaan yeroo jedhan kormi kun xaxanii kuffisuu tokko malee ofiisaatiin ciisa jedhama. Aakkuma carraa kormi kun oggaa damboobi, damboobi jedhaniin ciisuu yoo dide

akka waan waa karaarraa jallateetti ilaalama jedhama.

Yeroo kormi kun ciisutti namichi kun qaltuuf filatame sun morma kutuuf jedhutti warri hukoo hidhatan hundiyyuu irree namicha qaltuu sana qabatu. Kana jechuunis hundumtisaniin akka buttaa kana qalanitti waan fudhatamuufidha.

Guyyaa korri buttaa eegalamu kanaa jalqabee hanga gaafa xumuraatti akka cidha guddaatti ilaalama. Nyaanni garaagaraa akkasumas dhugaatiin kanneen akka bookaa, farsoofi kkfnis ni dhugamu ni sirbamas.

Foon korma buttaa kanaa nama hundaaf kennama. Nama dhukkubsatee yookaas dhaquu hin dandeenyeef manatti ergama. Yoo daa’ima xiqqoo har’a dhalatte ta’ellee ilkaanitti dibu malee akkasitti hin dhiisan. Kun ammoo mucaa dhalatteef bara Gadaashee ittiin beekuuf ykn Gadaa akkasii nyaatteetti jechuuf itti dhimma bahu.

Sirboota guyyaa buttaa sirbaman

Guyyaa buttaan qalamu Oromoo biratti kabaja olaanaa qaba. Guyyaa kana ni qalama ni dhugama ni sirbamas. Weedduu guyyaa kana weedduuwwan yeroo biroorraa kan adda taasisu saalfii tokko malee waan barbaadan jedhanii sirbu. Walitti dallanuunis kana keessa hin jiru. Walaloowwan sirboota kanaa keessaa muraasnie akkaataa itti aanutti dhiyaateera.

Masqalli waggaani

Hulluboo hulluboo

Buttaan bara saddeetii

Maal biraa hojjetaa

Guddaan akka abbeetii

Gadaan badhaadhaadha

Dannabaan koo dannabaadha

Dannabsitee na cabsitee

jechuun weeddisa.

Akka waliigalaatti buttaan calaqqee sirna Gadaa keessaa tokko ta’ee adeemsuma sirni Gadaa hordofuun kan geggeeffamaa ture yoo ta’u, yeroo ammaa kana garuu sirni kun hawaasa Oromoo aanichaa biratti geggeeffamaa kan hin jirre waan ta’eef aadaafi duudhaawwan garaagaraa ummaticchi qabu sakatta’uufi qorachuun dhalootaa dhalootatti akka darbu taasisuun gahee dhaloota har’aati.

Waa’jiira Kominikeeshiinii Aanaa Daallee Sadiirraa, Qellem Wallaggaa

6	Kallacha Oromiyaa	Guraandhala 28 bara 2016
Caalbaasii yeroo 2^{ffaa}		
Falmii: Raawwii Murtii R/Himatoonni: Obboo Adoolaa Gammadee fa’aa N-10 fi R/Himatamaan: Obboo Dhugoo Aduulaa Jidduu falmii raawwii lakkoofsa galmee 03052 irratti ilaalamaa jiru ilaalchisee Manni Murtii Godina Gujii Lixaa qabeenya maqaa Raawwii Himatamaadhaan galmaa’ee jiruu Warshaa Buna Jiidhaa Miccuu lafa heektaara 4 irra jiru caalbaasiidhaan gurguruuf akka armaan gadiitti tarreeffamanii jiran:		
1. Mana kuusaa buna miccaa qorqoorroon ijaaramee tilmaamni gatii isaa qarshii 1,105,166.73 (miliyoona tokkoof kuma dhibba tokkoo fi kuma shaniif dhibba tokkoof jaatamii jahaa fi 73/100),		
2. Waajjira Qorqoorroodhaan ijaaramee tilmaamni gatii isaa qarshii 538,393.03 (kuma dhibba shaniif kuma soddoomii saddeetiif dhibba sadiif sagaltamii sadiif 03/100),		
3. Saafuunii ykn Quwaatii tilmaamnii gatii isaa qarshii 2,043,704.39 (miliyoona lamaaf kuma afurtamii sadiif dhibba torbaaf afuriif 39/100),		
4. Ijaarsa lafaa bakka maashiinaa abbaa diiskii 2 irratti dongooramee tilmaamni gatii isaa qarshii 84, 592.67 (kuma saddeettamii afuriif dhibba shaniif sagaltamii lamaaf 67/100),		
5. Maashiina abbaa diiskii 2 kan biyya keessaa tilmaamni gatii isaa qarshii 1,100,000.00 (miliyoona tokkoof kuma dhibba tokko),		
6. Gandaa bunni itti bukaayuu lakkoofsaan 17 ta’ee tilmaamni isaa 3,181,426.63 (miliyoona sadiif kuma dhibba tokkoof kuma saddeettamii tokkoof dhibba afuriif diigdamii jahaa fi 63/100),		
7. Kuusaa bishaanii gandaa guddaa fi xiqqaa ta’ee walitti tilmaamni isaa qarshii 1,870,571.78 (miliyoona tokkoof kuma dhibba saddeetiif kuma torbaatamaa fi dhibba shaniif torbaatamii tokkoof 78/100),		
8. Motora Jeneenetaraa moodeelli isaa 495 chaayinaa ta’ee tilmaani isaa qarshii 450,000.00 (kuma dhibba afuriif kuma shantama),		
9. Paampii bishaan haarkiisuu tilmaamni isaa qarshii 100,000.00 (kuma dhibba tokko),		
10. Baldhiina lafa heektaara 4 kan waarshuun kun irratti quubate tilmaamni isaa qarshii 19,000,000.00 (miliyoona kudha sagala),		
11. Bolla ashaaraa 1 fi liigaagii 2 tilmaamni isaa qarshii 45,000.00 (kuma afurtamii shan),		
12. Baargamoo qarqara lagaa irratti argamuu tilmaamni isaa qarshii 100,000.00 (kuma dhibba tokko),		
13. Dallaa mukaan ijaaramee kan seensumni isaa qorqoorroo ta’ee tilmaamni isaa qarshii 584,200.00 (kuma dhibba shaniif kuma saddeettamii afuriif dhibba lama),		
14. Meeshaalee ijaarsaa siree bunaatiif oluu tilmaamni isaa qarshii qarkahaa kuusaa chikaala sireefi kuusaa saaxaraa bunaa qarshii 75,000.00 baasuu, Walumaagalatti idaa’amni isaa qarshii 30,278,055.²²/100 gatii ka’umsa kanaan caalbaasii 1ffaa irratti sababa dorgomaan dhabameef caalbaasii lammaffaa baasuun waan barbaachiseef gatii ka’umsaa olitti xuqame Kanaan dorgomtoota keessaa nama gatii olaanaa dhiyeesseef caalbaasii yeroo 2ffaatiin iddoo qabeenyaan kun argamutti dhiyaachuudhaan iddoo bitaafii mirgi argamanitti gaafa 13/07/2016 sa’aatii 4:00 - 9:30tti caalbaasii ifaa ta’een akka gurguramu manni murtii ajajeera. Kanaafuu namni caalbaasiicha kanarratti mo’atan gatii waliigalaa keessaa 25% battalumatti kana kaffaluu ta’ee kaffaltii guutuu isaa guyyaa caalbaasiin raawwatamee eegalee guyyaa (15) keessatti kana hin kaffalle yoo ta’e, caalbaasii mo’ataan mirga isaa dhabuun caalbaasiin haaraa irra deebi’uun kan bahuu ta’uusaa beektanii akka dorgoomtan manni murtii ajajeera. Manni Murtii Godina Gujii Lixaa		
Obbo Bariisoo Uddoo mana jireenyaa magaalaa Shaakkisoo ganda Biiqqaa Fooraa keessatti maqaasaaniitiin galmaa’ee argamu, bal’innisaa M² 200 ta’e Aadde Tsiggee Baay’isaatti gurguradheera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaatu, kan hin dhiyaanne yoo ta’e maqaa gara bitataatti kan naannessinu ta’uu beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo.		
Aadde Zannabech Gammadaa mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Dh/Awaxaa keessatti maqaasaaniitiin galmaa’ee argamu, bal’innisaa M² 120 irratti argamu Aadde Masarat Dhinsaa Bakka bu’ummaadhaan dabarsanii Obbo Isheetee Faantaahuunitti gurguradheera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaatu, kan hin dhiyaanne yoo ta’e maqaa gara bitataatti kan naannessinu ta’uu beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo.		
Obbo Yirgaa W/Sanbat mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Dhugoo Awaxaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu bali’inni lafa kaaree meetira 229.5M² irratti argamu dabarsanii Obbo Shimallis Alamaayyoootti gurgureera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessinuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo		
Obbo Gadaa Oddoo Areerii mana jireenyaa Lakk.isaa B29-008 ta’e rammaddii tajaajila iddoo (zoning) mana Jireenyaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu ganda Odaa Doolaa keessatti qabeenyaa hin sochoone lafa bali’inni isaa kaareemeetira 204.3M² irratti argamu Lakk. Kaartaa isaa 7001/2015 ta’e Obbo Abiyyuu Kaasaa Tafariitti waan gurguraniif waliigalteen akka ragga’uuf iyyannoo isaanii dhiyeefataniiru. Kanaafuu, jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesinuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Woyyuu.		
Aadde Sittiinaa Huseen Gannaalee mana jireenyaa Lakk.isaa ----- ta’e rammaddii tajaajila iddoo (zoning) Industirii irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu ganda Q/Eebbaa keessatti qabeenyaa hin sochoone lafa bali’inni isaa kaareemeetira 230M² irratti argamu Lakk. Kaartaa isaa 4118/13 ta’e Aadde Laayilaa Ashannaafii Dhaabasaatti waan gurguraniif waliigalteen akka ragga’uuf iyyannoo isaanii dhiyeefataniiru. Kanaafuu, jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesinuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Woyyuu.		
Obbo Tashoomaa Xaafaa mana jireenyaa Lakk.isaa B15-543 ta’e rammaddii tajaajila iddoo (zoning) Daldalaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu ganda Q/Eebbaa keessatti qabeenyaa hin sochoone lafa bali’inni isaa kaareemeetira 57.5M² irratti argamu Lakk. Kaartaa isaa EMMBU/M/A/W.776/06 ta’e Woganee Taammanaatti waan gurguraniif waliigalteen akkaragga’uuf iyyannoo isaanii dhiyeefataniiru. Kanaafuu, jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesinuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Woyyuu.		
Obbo Damisee Deggelaa mana jireenyaa Lakk.isaa Aw/BB/19 ta’e rammaddii tajaajila iddoo (zoning) mana jireenyaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu ganda B/Biluu keessatti qabeenyaa hin sochoone lafa bali’inni isaa kaareemeetira 174M² irratti argamu Lakk. Kaartaa isaa 4643/2014 ta’e Zufinee Deggelaatti waan gurguraniif waliigalteen akka ragga’uuf iyyannoo isaanii dhiyeefataniiru. Kanaafuu, jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesinuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Woyyuu.		
Harargee Aadde Sablewangel Qaxxibaluutiif Bakka Jirtanitti Himataan Obbo Huseen Daawwidifi Himatamtuu isin jidduu falmii H/Hawaasaa jiru ilaalchisee Himatamtuun kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 29/06/2016 sa’aatii 4:00irratti deebii barreeffamaan tarree ibsa ragaa yoo qabaattan akka dhiyeeffattan ibsaa, yoo hin dhiyeeffanne mirgi deebii barreeffamaa dhiyeeffachuu keessan kan bira darbamu ta’uu manni murtii ajajeera.M /M/A/Mi’eessoo.		
Iluu Abbaa Boor Aadde Ashiraqaa Lammuu mana Jireenya Magaalaa Mattuu ganda Gaaddisa Odaa keessaa qaban maqaa isaaniitiin galmaa’ee beekamu Lakk. Kaartaa isaa 4402/02/2016 ta’e Lafa bali’inni isaa 490M² irratti ijaaramee jiruu fi Sadarkaa iddoo 2 ^{ffaa} tajaajila iddoo R ₂ ta’e karaa bakka bu’aa isaanii Aadde Faaxumaa Huseeniitiin Obbo Abduljaliil Daariitti gurguradheera waan jedhaniif akkaataa Labsii Liizii lafa. Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafa Magaalaa Mattuu.		
Obbo Hagoos G/Madiin mana jireenyaa Magaalaa Yaayyoo ganda 01keessaa qaban Lakk.Kaartaa isaa Dhu/622/2016 kan ta’e Obbo Tamsgeen Fedhaatti waan gurguraniif, Kan mormu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee kaasee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa A/Yaayyoo.		

Obbo Darajjee Taaddasee mana jireenyaa Magaalaa Yaayyoo ganda 01keessaa qaban Lakk.Kaartaa isaa Dhu/558/2015 kan ta’e Obbo Waaqkennee Alamuutti waan gurguraniif, Kan mormu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee kaasee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa A/ Yaayyoo.

Obbo Seefuu Dagaagoo mana jireenyaa Magaalaa Yaayyoo ganda 01keessaa qaban Lakk.Kaartaa isaa Dhu/673/2016 kan ta’e Obbo Goraw Mucayeetti waan gurguraniif, Kan mormu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee kaasee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa A/Yaayyoo.

Obbo Habtaamuu Indaalee mana jireenyaa Magaalaa Yaayyoo ganda 01keessaa qaban Lakk.Kaartaa isaa Dhu/647/2016 kan ta’e Aadde Ayyaantuu Laggaseetti waan gurguraniif, Kan mormu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee kaasee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa A/ Yaayyoo.

Obbo Mitikkuu Nagarii mana jireenyaa Magaalaa Yaayyoo ganda 01keessaa qaban Lakk.Kaartaa isaa Dhu/666/2015 kan ta’e karaa bakka bu’aa isaanii Obbo Izzadiin Kadiriitiin, Obbo Adam Kabbadeetti waan gurguraniif, Kan mormu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee kaasee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa A/ Yaayyoo.

Aadde Masarat Mulaatuu kan jedhaman mana jireenyaa Aanaa Aallee Magaalaa Goree ganda 01 keessaa maqaa isaaniitiin galmaa’ee beekamu Lakk. Kaartaa isaa WL/4109/M/2016 kan ta’e bali’ina lafaa 112M² irratti maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu Aadde Qonjiitti Wondimmuutti gurguradheen jira waan jedhaniif jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate,beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafa Aanaa Aallee.

Obbo Alamaayyoo Booruu mana jireenyaa Magaalaa Yaayyoo ganda 01 keessaa jiru maqaa isaaniitiin galmaa’ee lafa bali’ina isaa karee meetira ---- irratti argamu lakk. Kaartaa isaa Dhu/615/2016 Obbo Addunyaa Birhaanuutti gurguradheen jira waan jedhaniif jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate,beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafa Magaalaa Yaayyoo.

Jimmaa

Obbo Kaasaahuun Shaanqoo Lakk.Kaartaa Hin sochoonee 625/2000 ta’e tajaajila Mana jireenyaatiif kan oolu Magaalaa Jimmaa ganda B/A/Katamaa keessatti galmaa’ee kennameef waan jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee akka kennamuuf gaafataniiru. Kanaafuu, kaartaa kana namni arge ykn sababa adda adaattin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaatu hubachiisaa, guyyaa jedhamee keessatti yoo dhiyaachuu baate kaartaan duraanii tajaajilaan ala akka ta’etti lakkaa’amee kaartaan kan biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Jimmaa.

Shawaa

Caalbaasii Ifaa Marsaa 2ffaa

Godiina Shawaa Kaabaatti Waajjira Maallaqa Bul/Magaalaa Fiichee Bara Bajeta 2016tti Bittaa Meeshaalee **uffata seeraa, Meeshaa Barreessaa, Meeshaalee Qulqullinaa, Meeshaalee Dhumaatii Biiroo keessaa, Meeshaalee Dhaabbataa/ Elektironiksii, Farniichariifii Gommaa konkolaataa** Caalbaasii Ifaatiin Wal-Dorgomsiisee Bituu Barbaada.

Ulaagaalee Caalbaasii Bittaa Meeshaalee

- Dorgomtootni hayyama hojii daldala seera qabeessaa kan bara 2016 haaromfame ragaa koopii isaa dhiyeeffachuu qabu.
- Dorgomtootni facaatii kennaa tajaajila dhiyeessii meeshaa keessatti galma’aa ta’uu isaanii ragaa sanada dorgommii waliin dhiyeffachuuqabu.
- Dorgomtootni taaksii dabalataa/VAT/ kan galma’an qofa ta’ee ragaa lakk. gibiraa/ TIN/ koopii sanada dorgommii waliin dhiyeeffachuu qabu.
- Dorgomaan kamiyyuu **uffata seeraa irratti saampilii ykn akaakuu uffatichaa guyyaa baniinsa caalbaasii akka ataa ulaagaa sanada caalbaasii keessatti gafatamaniin** kan hin dhiyeessine yoo ta’e sanadni isaa guutuma guututti kufaa ta’a /hin banamu/.
- Dorgomtootni sanada caalbaasii guyyaa **caalbaasiin** kun Gaazexaa Kallacha Oromiyaa irratti maxxanfamee bahe irraa kaasee guyyaa walitti aanaan 15 keessatti waaree dura sa’aatii hojii mootummaa 2:30 - 6:30 waaree booda 7:30 -11:30 tti sanada qarshii hin deebine 300 kaffaluudhaan Waajjira Maallaqa Bul/ Magaala Fiichee lakk.2 tti dhiyaachuun sanada bitachuun ni danda’ama.
- Caalbaasiin kan banamu gaafa guyyaa 16ffaa sa’aatii 9:00 irratti saanduqni cufamee guyyuma kana sa’aatii 9:30 irratti bakka dorgomaan jirutti ykn bakka bu’aan seera qabeessaa jirutti ni banama. Guyyaan 16ffaan sanbatarraa yoo oole guyyaa hojii itti aanu sa’aatii wal fakkaatuutti ta’a.
- Dorgomtootni baaniinsa caalbaasii irratti yoo argamuu baatanis caalbaasichi kan banamu ta’a.
- Dorgomtootni sanada orjinaalaafii koopii kophaatti poostadhaan saamsuun chaaphaafii maallattoo gobbaa isaa irratti gochuudhaan galchuu qabu.
- Dorgomaan kamiyyuu kabachiisa caalbaasitiif qarshii 30,000 Maqaa Waajjira Maallaqa Bul/ Magaala Fiicheetiin /CPO/ baankitiin **mirkana’e qofa** sanada orjinaala caalbaasichaa waliin qabsiisuun qabu.
- Waajjirichi caalbaasicha filannoo biraa yoo argate guutumaan guutuu ykn gartokkeen haquu ni danda’a. **Odeeffannoo guutuu isaa sanada caalbaasii qophaa’ee irraatti kan argamu Odeeffannoo dabalataa lakk. bilbilaa 01-11-35-10-11,01-11-35-17-28 Waajjira Maallaqa Bul/ Magaalaa Fiichee.**

Caalbaasii Gurgurtaa Aksiyoona Marsaa 2ffaa

Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhadachi Hariiroo Hawaasaa lak.gal. 413538 irratti dhaddacha guyyaa 20/06/2016 A.L.I ooleen Falmii M/A/Mirgaa Baankii Hojii Gamtaa Oromiyaa W.Afi M/A/Idaa Yuuniyeenii Hojii Gamtaa Oomishitoota Aannanii Salaalee gidduu jiru ilaalchisee ga’ee aksiyoonaa maqaa M/A/Idaa Yuuniyeenii Hojii Gamtaa Oomishitoota Aannanii Salaaleetiin jiru caalbaasiin gurguramee idaa abbaa mirgaaf oolee gabaasni akka dhiyaatu ajaja kennee jira. Kanaaf, Aksiyoona M/A/Idaa caalbaasii ifaa ta’een bu’uura ajaja mana murtiitiin kana gurguramu ta’uu ni beeksifna. Dorgomtoonni Aksiyoona kana bitachuu barbaaddan guyyaa caalbaasii, gatii ka’umsa caalbaasichaa (1/4) % 25 CPOn maqaa Baankii Hojii Gamtaa Oromiyaa W.A tiin hojjechiisuun caalbaasiirratti hirmaachuu ni dandeessu. Caalbaasicha guyyaa armaan gaditti ibsame waajjira Muummicha Baankichaa Kutaa Magaalaa Boolee Aanaa 2 Naannoo Ruwaandaa jedhamutti Gamoo RAANG Gamoo 9^{ffaa} Biiroo Bulchiinsa Aksiyoona Baankichaatti kan geggeeffamu ta’uu ni beeksifna.

Lakk.	Qabeenya caalbaasiif dhiyaate	Lakk. addaa abbaa aksiyoona	Baayina aksiyoona	Gatii aksiyoona tokkoo qarshiin	Gatii waliigalaa qarshiin	Guyyaafi sa'aatii caalbaasii	Caalbaasiinkan ba'e
1	Aksiyoona (Qooda)	0006447	17,682	100	1,768,200.00	2 0 / 0 7 / 2 0 1 6 A . L . I Sa'aatii 3:00 - 7:00	Yeroo 2 ^{ffaa}

Caalbaasiin guyyaafi iddoo armaan olitti ibsametti iddoo abbootiin idaa ykn bakka bu’aansaanii argamutti ni geggeeffama. M/A/Idaa ykn bakka bu’aansaanii yoo hin argamne iddoo isaan hin jiretti geggeeffama.

1. Dorgomtoonni lammii Itoophiyaa ykn dhalataa Itophiyaa ta’uusaanii kan mirkaneessu raga dhiyeeffachuu qabu. Namni dhaabbata bakka bu’e caalbaasii dorgomuu hayyama daldalaa haaromfameefi bakka bu’insa qabatee dhiyaachuu qaba.
2. Namni caalbaasii mo’ate gatii caalbaasicha ittiin mo’ate hanga 26/07/2016 A.L.I Baankiif galii ni taasisa. Namni caalbaasicha mo’ate guyyaa jedhame keessatti guutumaanguutuutti kan hin kaffalle yoo ta’e kaffaltiin caalbaasii eegsisuuf (kabachiisuuf) CPOn qabsiise Baankiif galii ta’ee caalbaasiin irra deebiin kan ba’uufi geggeeffamu ta’a.
3. Dorgomtoota caalbaasiin mo’atamaniif CPOn qabsiisan yoosuma ni deebi’aaf.
4. Dorgomaan caalbaasicha mo’ate bu’uura seeraatiin kaffaltii kaffalamu hunda kaffalee maqaa abbaa qabeenyummaa gara isaatti ni jijjiirrata. Namni caalbaasiirratti hirmaachuu barbaade odeeffannoo dabalataaf lak.bilbilaa 0917-36-68-42 ykn 0913-56-39-23 irratti bilbilee gaafachuu ni danda’a. **Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa**

Caalbaasii

R/Himataan Obbo Fissahaa Bakaree fi R/Himatamaan Obbo Taaffasaa Ayyaalewu jidduu falmii raawwii murtii jiru ilaalchisee Mana Jirrenyaa Bulchiinsa Magaalaa Shaggar Kutaa Magaalaa Sabbaataa Aanaa Meettaa keessatti lafa bal’inni isaa 200M² irratti argamu ka’umsa caalbaasii qarshii 257,559.⁹⁵/100 tiin gaafa 05/08/2016 sa’aatii 4:00 - 6:00tti iddoo manichi argamutti akka gurguramu manni murtii ajajeera. Kanaafuu namoonni caalbaasii kanarratti dorgomuudhaan bitachuu barbaaddan gatii ka’umsaarraa ¼ CPOdhaan qabsiisuudhaan dhiyaachuun bitachuu kan dandeessan ta’uu manni murtii ajajeera.M/M/O/ Magaalaa Shaggar.

Dargaggoonni ilaalcha misoomawaafi dimookiraatawaa qaban haaromsa keenyaaf murteessoodha!



Muuxannoo

Masarat Amanaa

Seenaa gooticha Dajjaazmaach Garasuu Dhukii

Gootichi Dajjaazmaach Garasuu Dhukii Godina Shawaa Kibba Lixaa Aanaa Walisoo Ganda Kaarroo Simalaa Bakka Maaruu jedhamutti abbaasaa Qanyaazmaach Dhukii Gulummaafi haadhasaa Aaddee Warqee Elemoorraa A.L.I. tti Caamsaa 19, Bara 1897 dhalate.

Umuriin isaa barumsaaf akka ga'een, maatiin isaa waldaa amantii Orotodoksii Mikaa'ela Maaruu jedhamutti barsiisaa mindeessuun obbolaa isaa wajjin barumsa mana amantichaa akka hordofu taasisan.

Maatiisaatiif ilma ja'affaa kan ta'e Dajjaazmaach Garasuun umrii ijoollummaatti tapha fardaa, gaachana qolachuu, darbannaa eeboo, adamoofi mala waraanaa abbaasaa Qanyaachmaas Dhukii irraa barate. Abbaa isa duukaa waltajjii addaa addaarratti argamuun akkaataa dubbii barachaa hojiirra oolchuun hunda durse. Cimina, ija jabinaafi hawaasummaan inni qabu akka baayyee hawaasa biratti jaallatamu isa taasise.

Tapha Dajjaazmaach Garasuun yeroo sana baayyee jaallatu keessaa tokko tapha fardaati. Yeroo hundaa farda Bifa Boora gulufisiisuu waan jaallatuuf namootaafi hiriyoota isaatiin umrii waggaa kudhanitti maqaa masoo, 'Abbaa Booraa' jedhu kennameef. Yeroo dirree waraanaa ture farda adii yaabbatullee, maqaa dhuma kanaan hamma lubbuunsaa dabartutti waamamaa ture.

Yeroo tokko mootii Hayilasillaaseefi haatii warraasaa bishaan hoo'aa lafa keessaa burqu kan Walisoo daawwachuuf yeroo deemanitti, Garasuun farda isaatiin fuuldura gulufuun karaa agarsiisaa ture. Sana malees, fuulduratti ba'uun waa'ee naannichaa haasawa namaa hawwatuu fi ogummaan guutame uummataafi mootichaf taasise.

Martuu itti gammadee, 'Ijarraa hafi; guddadhu' jedheen. Ogummaafi ciminni akkasumas, ija jabinni isaa qalbii mootiifi giiftii seenee ija gaarin akka isa ilaalan taasise. Odeeffannoo Gabramaaram Gaariirraa argameefi waan guyyicha hubatanirraa ka'uun guyyuma sana Finfinneetti waamsisuun Ministeera Ittisaa keessatti ajaja mootitiin akka mindeeffamu ta'e.

Loltummaan is waggoota torbaaf erga tajaajile booda jabinaafi amanamummaa isaatiin filatamee itti dhiyeenyaan mooticha akka tajaajilu taasifame. Waggoota muraasaaf mootii erga tajaajilee booda, eeyyama mootitiin loltoota ilma isaa Asfaawasanitti makame.

Garasuun loltoota Asfaawasan waliin gara Walloo deemuun achirraas Ambaalaagee kan jiran loltoota Raas Kaasaatti dabalamuun Xaaliyaaniitti duulan. Lola Tambeenitti geggeeffameefi kan Maayicawurratti geggeeffame keessatti loltuu diinaa madfiifi matarayasii, qilleensarraa ammoo, xiyyaaraan gaasii summii facaasuun lolu jala dhaabachuu waan dadhabaniif kaan dhumani kaan booji'amanii, kaan ammoo baqatanii lubbiin harkaa ba'anii gara Wallootti deebi'uun karaa Warra Iluu magaalaa Finfinnee galan. Haala kana keessatti cimina



geggeessummaa isarraa kan ka'e loltoonni Garasuu dursaa turan.

Kumaalaa Garasuun erga Finfinneetti deebi'ees, osoo wal'aansoo fi dadhabanii lolichaa hinjiilin kutannoofi jaalala biyya isaatiif qaburraa kan ka'e, naannoo dhaloota isaa Maaruu deebi'uun hojii gootummaa itti fufuuf murteesse. Yeroo kana mootii Haayile-Sillaaseen hooggantoota waraanaa hedduu waliin biyya Ingiliziitti baqatan. Kaan ammoo, Xaaliyaaniitti harka kennaan. Gariinis ni booji'aman; kaan ammoo nidhuman. Kun marti Garasuufi gootota muraasa jilbeeffachiisuu hindandeenye.

Waggoota shaniif yeroo Xaaliyaaniin biyyicha bulchaa turte keessatti loltuu qopheeffate waliin riphee loluun diina bahaaf gala dhowwaa ture. Kallattiinis ba'uun diina humna lafoofi qilleensaatiin lolu mo'achaa loltoota hedduu booji'aa, barbadeessaa, kanneen jalaa booji'aman deebifachaa qabsoo hidhannoofi hojii gootummaa itti fufe.

Geggeessitoonni Xaaliyaaniifi baandaan sodaatanii si'a hedduu araaraaf jaarsa erganillee Garasuun gargaarsa uummataafi onnee waan qabuuf shiraafi kiyyoo isaaniitiin qabamuu hindandeenye. Roorrisaan, kan biyya abbaa qabu gabroomfate, baandaan biyya isaa saamsisuun orma jala kaatu ramacii caalaa isaa gube.

Keessummaa uummanni Itoophiyaa Xaaliyaanotaan Finfinneerratti mulluu ta'e ija duraa baduu dide.

Guyyaa tokkollee osoo miilla isarraa rasaasaan rukutamee loltoonni harkaa dhumani kanneen hafan ammoo diina duratti isa gatani deemanitti, akkas jechuun yaadannoo isaa barreesse. "Ani Garasuudha; hojii koos xumureera; du' us giroo koo miti; kan na yaadessu garuu Finfinneen bakki ummanni koo irratti dhume bilisa baatee osoo hinargin du'uu kooti," jedhuun ture.

Haa ta'u malee yeroo marfame sanatti du'a oolee diinoota harkaa ba'uun madaan isaa fayyee loltoota abdii kutuun faca'an walitti qabuun amma dhumaatti lole.

Dhumni hojii gootummaa Garasuus lola Jimmarratti Xaaliyaanii waliin geggeeffamedha. Garasuun loltoota diinaa kan Jimmaarra buufatan marsuun yaadesse. Loltoota Garasuun hoogganuun marfamuu cinaatti oduun gara biyyaatti deebi'uu mootii Haayile-Sillaaseefi gargaarsi Ingilizootaa waan dhaga'ameef, dhangala'uu dhiigaa malee loltoonni Xaaliyaanii warri naannichaa akka harka kennan taasisee, kutaa biyyaa hunda kanneen qabatanis lakkisanii kaan dhumani kaanis baqatanii ba'uun Itoophiyaan injifannoo argatte.

Kumaalaa Garasuunis, Hayile-Sillaaseefi uummata Itoophiyaa biratti gootummaafi tooftaa lolaa isaaniitiin hundaa olitti dinqisiifatame. Kanarraa kan ka'e, waamicha mootiirraa taasiifameen loltuu isaa Shawaa Lixaa kan qabsoo finiinsaa tureefi, Jimmaan kan bilisa baase mara dhiisee Finfinnee deeme. "Marti namaa ajajaa waraanaa biyyatti ta'a," jedhee erga innis akkanatti ofbeeka ture; hojjiin

isaas kanaa gadi miti. Mootiin garuu "Biyya Oromoo fudhachuun olaantummaa na dhabsiisa," jechuun waan shakkeef, Bulchaa Konyaa Caboofi Guraagee taasisuun muude.

Barri jireenya Garasuu gabaabbachaa deemte. Jabinaafi gootummaan kan harkaa ba'uu hindandeenyetu itti aggaame. Osuma itti gaafatamummaa isaa ba'aa jiruu soorama ba'uufi dhukubsachuun Garasuu firoottan isaafi uummata isaa yaadesse.

Dhukkuba isaa kana ogeeyyiin biyya keessaa waan dadhabaniif, qabeenyaan isaa hundi gurguramee mucaan isaa Kumaalaa Taffarraa Garasuu biyya Ingiliziitti geessee akka yaalchisu ta'e. Achittiis fayyuu akka hindandeenye waan hubataniif gara biyyatti deebi'uun du'aan wal'aansoo qabuu eegale. Dhukkubni kaanseerii inni ittiin qabame daran itti cimee Waxabajjii 6, 1958 lubbuun isaa dabarte.

Ulfinan jiraatti dhabe du'aatti hin barbaadu jechuun wayita lubbuun jiru bakka gootonni Itoophiyaa hundi itti awwaalamana Bataskaana Sillaasee odoo hin taane, kan ofii isaa ijaarsise Bataskaana Gabreelii Cafootti akka awwalan waan firoota isaa kakachiiseef, sirni awwaala isa achuma Maaruu raawwatame.

Seenaan goota Oromoo Kumaalaa Garasuu Dhukii Gulummaa, Maaruu jalqabee achumatti xumurame.

Yawayinisheet Seefuu WK. Bul.M. Walisooraa

Daneessummaan miidhagina malee sodaa miti



Dinagdee

Hizqi'eel Tashoomaa



Raawwii hojiilee misoomaa dinagdee kurmaana 2'n jalqabaa bara 2016

(Yaa'ii idilee 6^{ffaa} waggaa 3^{ffaa} bara hojii Caffee 6^{ffaa} dhiyaate)

Kan darbeera itti fufe:

Riiformii Waldaalee Hojii Gamtaa: Riiformii baroota darban eegalame itti fufinsaan gaggeessuun qisaasamaafi al-seerummaa sadarkaa adda addaatti jiru hambisuun galma waldaaleen hojii gamtaa qabatan milkeessuuf bara kana bulchiinsa waldaalee hojii gamtaa ammayyeessuurratti xiyyeeffatamee hojjetamaa tureera. Kanaanis, waldaaleen gorsiitoota boordii qacaratanii bu'a-qabeessummaaf akka hojjetan deeggarsaafi hordoffiin taasifameera.

Haaluma kanaan; ji'oottan jahan darban keessatti waldaalee bu'uuraa haaraa garaagaraa 75 (%104) kan gurmaa'an yommuu ta'u; waldaalee hojii gamtaa haaraa gurmaa'aniifi buleeyyii keessatti miseensota kuma 742 (%98) horachuun hanga ammaattis kaappitala qarshii biliyoona 1.12 (%117) dabalun danda'ameera.

Waldaaleen hojii gamtaa rakkoo dhiyeessii faayinaansii hawaasni baadiyyaafi magaalaa qabu hiikuuf aadaa qusannoo cimsuun ji'oottan jahan darban keessatti qarshiin biliyoona 1.2 (%102) walitti qabameera, qarshiin biliyoona 1.5 (%105) miseensota kuma 160 ta'aniif liqiin kennameera. Liqiin miseensotaaf kenname qarshiin biiliyoona 1.1 (%93) deebi'era.

Bara oomisha 2015/16 kanatti liqii bittaa callaa guddistuuf hojiirra oole deebisiisuuf sochii taasifamaa tureen, ji'oottan jahan darbanitti qarshii biiliyoona 12.27 deebisiisuun kan danda'ame yommuu ta'u; kan haferratti hojjetamaa jira. Waldaalee hojii gamtaa bu'uraafi yuuniyeenii %76 ta'aniif odiitii raawwatameera, kan hafe xiyyeeffannaa barbaada.

Dhiibbaa jijjiramni qilleensaa naannoorra geessisaa jiru hir'isuuf xiyyeeffannoon kennamee hojii hojjetamaa jiruun ji'oottan jahan darban keessatti warshaalee, pirojeektota misoomaafi dhaabbilee tajaajilaa adda addaa 11,582 (%103.4) irratti to'annoofi hordoffiin gaggeeffameera. Jaarmiyaalee kanneen keessaa 281 irratti of-eeggannoo jalqabaa, 40 irratti of-eeggannoon dhumaa kan kennameefi 20 cufuun 18 of-sirreessuun deebi'anii akka banaman taasifameera.

Gama birootiin bosona adda baasuu, daangeessuufi kaartaa qopheessuun eegumsi akka taasifamuuf hojjetamaa tureera. Ji'oottan jahan darban kanatti lafa heektaara kuma 207.2 (%103.6) irratti raawwachuun waliigalaan akka naannoo keenyatti bosonni hirmaannaa ummataatiin bulu lafa heektaara miliyoona 2.31 irra akka gahu ta'eera.

Qabeenya uumamaa naannichi qabu kunuunsuun madda galii damee tuurizimiif gumaachuu akka danda'uuf qaamolee adda addaa waliin ta'uun iddoowwan paarkii 6 heektaara kuma 47.55fi iddoowwan Ikootuurizimii 8 heektaara kuma 12.08 ta'u daangessuun hojii misooma paarkiifi tuurizimiitiif akka oolu taasisuun;

hawaasni naannoo kanaa damee dinagdee kanarraa fayyadamaa taasisuuf hojiiwwan bu'a qabeessa ta'an raawwatamaniiru.

Misooma Albuudaa: Guddina dinagdee naannoo keenyaa utubuufi carraa hojii uumuu keessatti qabeenyi albuudaa ga'ee olaanaa qaba. Kana milkeessuuf, ji'oottan jahan darban keessatti albuuda sookoo (Warqii) kg.1,323, albuuda kabajamoofi midhaginaa kg. kuma 15.9, albuuda ijaarsaa meetir kuubii mil.14.2, albuuda sibiilaa toonii kuma 32.6fi albuuda industirii toonii mil. 4.7 oomishuun danda'ameera.

Misooma albuudaa gaggeeffamaa jiruunis al-ergeerraa doolaara miliyoona 131fi galii biyya keessaa qarshii miliyoona 853.8 argamsiisuun kan danda'ame yommuu ta'u; poteenshaala Naannon Oromiyaa qabduun galii oomisha Sookoo irraa argamu haala barbaadamuun faayidaa biyyaaf oolchuurratti rakkoon alseerummaa ni mul'ata, kana qindoominaan furuun dhimma xiyyeeffannoo addaa barbaadudha.

Qabeenya Lafaa: Qabeenya lafaa jiru sirnaan bulchuuf hojii hojjetamaa jiruun; dhiyeessiifi dabarsa lafa baadiyyaa hektaara kuma 128(%223.5) qopheessuun lafa hektaara kuma 69.2 (%161.1) karoora yeroof qabame irraa dabarsuun kan danda'ame yommuu ta'u; magaalaattis lafa hektaara 5,257 (%101.1) qophaa'e keessaa lafti hektaarri 3,497 (%90) akka darbu ta'eera.

Gama biroon; lafa tajaajila adda addaatiif darbee waliigalteen addaan cite, qabannaafi qubannaa seeran alaa akkasumas hordoffiifi to'annaa ijaarsa seeran alaarratti gaggeeffameen lafti heektaara kuma 17.1 (%135.5) ta'u istookii mootummaatti deebi'era.

Hojii mirkaneessa qabiyyee lafaa ilaalchisee; ji'oottan jahan darban keessatti kaadastera baadiyyaatiin lafa heektaara kuma 325.9 (%61.9) kan safaramaafi waraqaa ragaa kuma 642.6 (%73.6) kennameera.

Kaadastera magaalaatinis cittuu lafaa kuma 151.8 (%152.4) irratti qiyyaasa raawwachu, cittuu lafa kuma 81.3 (%53.5) mirkaneessuu, cittuu lafaa kuma 68.8 galmeessuufi kaartaa kuma 55.9 (%96.8) kennameera.

Qorannoo karoora itti fayyadama lafaa ilaalchisee; bara kana godinaalee 19, aanaalee 122fi gandoota 645 keessatti hojiirraa oolchuuf hojjetamaa tureera. Hanga kurmaana 2n bara 2016tti Godinaalee 7 (%36.8), Aanaalee 82 (%67.2) fi Gandoota 600 (%93) keessatti waliigalaan lafa heektaara miliyoona 1.49 (%62) irratti hojiirra oolfameera.

Ji'oottan jahan darban keessatti qabiyyee durii waraqaa ragaa hin qabne 28,270 (%80.8) seera qabeessa taasisuun danda'ameera; ijaarsa seeraan alaa dambii liizii duraa 10,203 (%119) seera qabeessa taasifameera. Seeraan alummaa lafa waliin walqabatee jiru maqsuufis hojii hojjetamaa tureen; manaafi dallaa seeraan ala ijaarame kuma 138.6 adda baasuun kuma 110.5 irratti tarkaanfiin fudhatamee jira.

Bishaan Qulqulluufi Misooma Teekinooloojii Haaromfamaa:

Bara 2016 kana keessatti uummata mil.2.5 fayyadamaa bishaan dhugaatii qulqulluu taasisuuf hojii hojjetamaa jiruun, ji'oottan jahan darban keessatti ijaarsa pirojeektota bishaan dhugaatii bajata kappitaalaa, sagantaalee adda addaafi hirmaannaa hawaasaan pirojeektota 2,563 (%97.3) xumuruun uummata kuma 407 fayyadamaa ta'aniiru. Reetii iskiimota bishaan dhugaatii tajaajila hin kennine %5.11 irraa gara %4.76tti gadi buusuuf karoorfamee; suphaa buufataalee bishaan dhugaatii gaggeeffameen gara %4.89 tti gadi buusuun danda'ameera.

Misooma teekinooloojii inarjii haaromfamaa babal'isuun walqabatee; ji'oottan jahan darban keessatti ijaarsa baayoo gaazii 743 (%195), dhiyeessii geemoowwan qoraan qusatanii kuma 347 (%96)fi dhiyeessii soolaarii kuma 42.9 (%130) gaggeessuudhaan uummata kuma 217.3 fayyadamaa inarjii haaromfamaa taasisuun danda'ameera.

Pirojeektota Finnaafi Inshuraansii Fayyaa Beeyladaa: Hojii misooma jallisii ammayyeessuuf pirojeektota Finnaa 61 gaggeeffamaa jiran xumura bara 2015tti giddu-galeessaan %24.1 irra ture; ji'oottan jahan darbanitti gidduugaleessaan %32.6 (%91) irra kan gahe yommuu ta'u; waliigalaan piroojeektota Finnaa Oromiyaa hanga ammaatti xumuraman 13 irratti bishaan meetir kuubii miliyoona 40 ol kuusuun lafa hektaara 2,899 gara misoomaatti galchuun abbaan warraa 16,910 fayyadamoo misooma jallisii taasisuun jiruufi jireenya isaanii akka fooyyeffatan taasisuun eegalameera.

Bifuma walfakkaatuun; pirojeektota jallisii gosa adda addaa 201 bajata mootummaafi deeggartootaan ijaaramaa turan; hanga xumura bara 2015tti gidduugaleessaan %44.9 irra bule; ji'oottan jahan darbanitti %55.8 (%99.8) irraan gahameera; waliigalaan pirojeektota jallisii 47 (%91.5) karoora ji'a jahaaf qabamerraa xumuruun ummataaf akka tajaajilan taasisuun danda'ameera.

Gama birootiin; misooma jallisii akka naannootti gaggeeffamaa jiruuf paampiiwwan jallisii 2,836 (%18) raabsuun danda'ameera. Paampiiwwan miidhaman 27,956 suphuun tajaajila guutuu akka kennaan taasifameera.

Goginsaafi hongee deddeebiin miidhaa beeyladarraan gahu qolachuuf Inshuraansii Fayyaa Beeyladaa godinaalee horsiisee bulaa 9 keessatti bara 2015 irraa eegalee hojjetamaa jiruun; abbaan warraa 30,241 beeylada kuma 103 qarshii miliyoona 109tti tilmaamamuun inshuraansii kanaan akka haguugaman taasifameera.

Itti fufa

Barumsi naannoo hubannoo hawaasaa guddisuudhaaf shoora guddaa qaba!

Obbo Gaambeellaa Addunyaatiif Bakka Jirtanitti Himattuun Aadde Sittinaa Idiriisiifi Himatamaa isin jidduu falmi qabiyyee gad-lakkisiisuu jiru ilaalchisee Himatamaan 2ffaa kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 05/07/2016 sa’aatii 4:00irratti deebii keessan barreeffamaan qabattanii akka dhiyaattan, kan hin dhiyaanne yoo ta’e mirgi deebii kennachuu keessan kan bira darbamuu ta’uu manni murtii ajajeera.M/M/A/Kutaa Magaalaa Furii.

Obbo Hayiluu Taaddasaa Lakk.Nagahee 992530 kan ta’e, Lakk. Galmee H - 458 ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Furii.

Aadde Caaltuu Taasisaa Nagahee Lakk. isaa 602684 ta’e maqaa Alamuu Baqqalaatiin galmaa’ee kennameef na jala bade jechuudhaan ragaa bade kan bakka bu’e akka kenninuuf gaafataniiru.kanaafuu, namni mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaa bade kan bakka bu’e kan hojjenne laannuuf ta’uu ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Buraayyuu.

Aadde Birhaanee Tfarraa Nagahee mirriitii Lakk. isaa 1499591 kan ta’een galmaa’ee kennameef na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kamiinuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna.Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Sabbataa.

Obbo Kaasaahuun H/Maariyaam Lakk. Nagahee 1880733 kan ta’e galmaa’ee naaf kenname na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Furii.

3ffaa Obbo Abbishuu Lammaatiif Bakka Jirtanitti Himataan Waldaa dhuunfaa itti Gaafatamummaan isaa murtaa’e daldaalaa waliigalaa Qacamaa fi Himatamaa 3ffaa isin jidduu falmii jeequmsaa jiru ilaalchisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 11/07/2016 sa’aatii 3:30 irratti akka dhiyaattanii falmattan manni murtii ajajeera.M/M/Aanaa Kutaa Magaalaa Abbaa Gadaa.

Ababaa Fiqaaduu Lakk. Nagahee 1498089 kan ta’e galmaa’ee naaf kenname na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Galaan Guddaa.

Obbo Alamuu Hayiluu Asfaahuu Kaartaa Lakk. isaa S/8195/2000 kan ta’een galmaa’ee naaf kenname na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu kaartaa kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, kaartaa kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Furii.

Obbo Mokonnin Qaabataa Dhimmaa mana jireenyaa Magaalaa Amboo ganda Hora Ayeetuu keessatti kaartaa Lakk.isaa B/M/A/232/85/92 kan ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu, namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee kaasee guyyaa 20keessatti akka deebisuu.Kana ta’uu baannaan raga kan biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Amboo.

Aadde Salaam Malaakuu Takilee bakka buutuu Obbo Mikaa’eel Malaakuu Takileefi Obbo Abirahaam Malaakuu Takilee Kanaan ta’e Nagahee iddoo mana jireenyaa Lakk. isaa 0933516 ta’e maqaa Malaakuu Takileetiin muramee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii gaafataniiru. Kanaafuu qaamni nagahee kana argeera ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee kaasee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaatanii gabaasa gochuu yoo baattan dhaabbata kanaaf tajaajila barbaadan nagahee kophiidhaan kan keessummeessinu ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Duukam.

Himatoota Taaddasaa Tashoomaa fa’aa N-6 fi Himatamaa Tashoomaa Tuulamaa fi gidduu Lixaa Asaffaa Tashoomaa jidduu falmi Hariiroo Hawaasaa jiru ilaalchisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 04/07/2016 sa’aatii 5:00irratti deebii keessan qopheeffattanii akka dhiyaattan ta’ee, kan hin dhiyaanne yoo ta’e mirgi deebii dhiyeeffachuu keessan bira darbamee falmiin bakka isin hin jirretti itti fufee murtiin kan kennamu ta’uu manni murtii ajajeera.M/M/A/Lumee.

3ffaa Aadde Zannabech Tfarraatiif Bakka Jirtanitti Himattoonni Aadde Sablaa Margiyaa fa’aa N-4 fi Himatamtuu 3ffaan isin jidduu falmi jiru ilaalchisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 05/07/2016 sa’aatii 5:00irratti deebEE keessaniifi tarree ragaafi sanda waliin qabattanii akka dhiyaattan ta’ee, dhiyaachuu baannaan bakka isin hin jirretti falmiin itti fufee murtiin kan kennamu ta’uu manni murtii ajajeera.M/M/A/Kutaa Magaalaa Boolee.

Aadde Ayyaluu Ambasseetiif Bakka Jirtanitti Iyyattuun Aadde Siisaay Girmaafi Wamamatuun isin jidduu falmi waa’ee lafaa jiru ilaalchisee Galmeen Kanaan dura cufamee ture deebi’ee socho’uusaa beektanii beellama gaafa 04/07/2016 sa’aatii 8:00irratti akka dhiyaattan manni murtii ajajeera.M/M/A/Ada’aa.

1ffaa Tfarraa Nigaatuutiif 2ffaa Bahaayiluu Taddasaatiif Bakka Jirtanitti Himataan Siyaamirenyi Nuguseefi Himatamtoonni isin jidduu falmi jiru ilaalchisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 02/07/2016 sa’aatii 3:45irratti deebii keessan qabattanii akka dhiyaattan ta’ee, kan hin dhiyaanne yoo ta’e mirgi deebii dhiyeeffachuu keessan bira darbamee falmiin bakkaisin hin jirretti kan itti fufu ta’uu manni murtii ajajeera.M/M/A/Kutaa Magaalaa Bokkuu Shanan.

Bassuufigaad Warq-lamaatiif Bakka Jirtanitti Iyyattuun Aadde Beeteliheem Tasfaayee fi waamamaa isin jidduu falmi H/Hawaasaa jiru ilaalchisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 02/07/2016 sa’aatii 5:30irratti deebii keessan kennatanii akka dhiyaattanii falmatan manni murtii ajajeera.M/M/A/Kutaa Magaalaa Sabbataa.

Obbo Daawwit Mollaatiif Bakka Jirtanitti R/Himattuun Aadde Abarraash Daadhiifi R/Himatamaan isin jidduu falmi raawwii jiru ilaalchisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa **12/07/2016 sa’aatii** 3:00irratti akka dhiyaattan manni murtii ajajeera.M/M/A/Kutaa Magaalaa Abbaa Gadaa.

Obbo Qannoo Birhaanuutiif Bakka Jirtanitti IyyattuunAbarruu Urga’aa fa’aa N-2 fi waamamaa isin jidduu falmi ijibbaataa jiru ilaalchisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 04/07/2016 sa’aatii duratti akka dhiyaattan manni murtii ajajeera.M/M/W/Oromiyaa Dhaddacha Ijjibbaataa.

Iyyattuun Aadde Immabeet Taammiraatiifi waamamaa Obbo Xilaahuun Alamuu jidduu falmii dhirsaa fi niitummaa jiru ilaalchisee waamamaan mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 02/07/2016 sa’aatii 4:00 irratti akka dhiyaattanii falmattan beeksisaa, abbaan waamamaa kanas Obbo Alamuu baraddad bellamatti dhiyaatanii tarree qabeenyaarratti deebii akka kennitan manni murtii ajajeera.M/M/Aanaa Kutaa Magaalaa Dambalaa.

Obbo Gammadaa Dibaabaatiif Bakka Jirtanitti Iyyattuun Aadde Ababaa Nuguseefi Wamamaaa isin jidduu falmi gaa’ilaa jiru ilaalchisee waamamaan kun Galmeen Kanaan dura cufamee ture deebi’ee saaqamuusaa beektanii beellama gaafa 04/07/2016 sa’aatii 4:00irratti akka dhiyaattan ta’ee, dhiyaachuu baannaan falmiin bakka isin hin jirretti itti fufee kan dhaga’amu ta’uu manni murtii ajajeera.M/M/A/Ada’aa.

Obbo Amaaree Makuriyaatiif Bakka Jirtanitti Himataan Mangee Taammiruufi falmiitti makamaan isin jidduu falmi jiru ilaalchisee falmiitti makamaan kun falmiitti makamuusaa beekEE beellama gaafa 05/07/2016 sa’aatii 3:00irratti akka dhiyaatee falmatu manni murtii ajajeera.M/M/A/Kutaa Magaalaa Malkaa Noonnoo.



Argachoo Kabbadaatiif
Bakka Jirtanitti
Himataan Abarraa Tufaafi Himatamaan isin jidduu falmi H/Hawaasaa jiru ilaalchisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 04/07/2016 sa’aatii 5:00irratti deebii keessan barreeffamaan qabattanii akka dhiyaattanii falmattan ta’ee, kan hin dhiyaanne yoo ta’e mirgi deebii kennachuu keessan kan bira darbamu ta’uu manni murtii ajajeera.M/M/A/ Kutaa Magaalaa Furii.

Obbo Zalaalam Kaasuutiif
Bakka Jirtanitti
Himattuun Aadde Maqidas Yilmaafi himatamaa isin jidduu falmi maatii jiru ilaalchisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 03/07/2016 sa’aatii 4:00irratti akka dhiyaattan ta’ee, kan hin dhiyaanne yoo ta’e dhimmi keessan bakka isin hin jirretti ilaalamee murtiin kan kennamu ta’uu manni murtii ajajeera.M/M/A/Kutaa Magaalaa Galaan.

Abiyoot Isheetuutiif
Bakka Jirtanitti
Himattuun Aadde Abaabaayyoo Birqii fi Himatamaa isin jidduu falmi jeequmsaa jiru ilaalchisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 09/07/2016 sa’aatii 5:00irratti deebii keessan qabattanii akka dhiyaattanii falmattan manni murtii ajajeera.M/M/A/Kutaa Magaalaa Luugoo.

Obbo Yaareed Tafarraa Nagahee Lakk. isaa 048314 ta’e maqaa Alamaayyoo Baqqalaatiin galmaa’ee kennameef na jala bade jechuudhaan ragaa bade kan bakka bu’e akka kenninuuf gaafataniiru.kanaafuu, namni mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaa bade kan bakka bu’e kan hojjenne laannuuf ta’uu ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Buraayyuu.

Aja/10 Hayiluu Damisee Nagahee Lakk. isaa 607886 ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef na jala bade jechuudhaan ragaa bade kan bakka bu’e akka kenninuuf gaafataniiru. kanaafuu, namni mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaa bade kan bakka bu’e kan hojjenne laannuuf ta’uu ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Malkaa Noonnoo.

v
Obbo Suleemaan Ahimad Adam Nagahee Lakk. isaa 1885462 kan ta’e galmaa’ee naaf kenname na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Furii.

Aadde Dammituu Laggasee Kaartaa Lakk. isaa 154967 kan ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Galaan Guddaa.

Sirreessa
Gaazexaa Kallacha Oromiyaa Guraandhala 21 bara 2016 maxxanfamee baherratti Shawaa jalatti beeksifni Masarat Siisaay jedhamee bahe dogoggoraan waan ta’eef Maartaa Siisaay jedhamee sirreeffamee haa dubbifamu.

Obbo Taammiraat Galaanaatiif
Bakka Jirtanitti
Himattuun Aadde Asteer Dassaaleefi Himatamaa isin jidduu falmii qarshii jiru ilaalchisee Himatamaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 04/07/2016 sa’aatii 4:00irratti deebii kennitanii akka falmattan ta’ee, kan hin dhiyaanne yoo ta’e mirgi deebii kennachuu keessan bira darbamee falmiin bakka isin hin jirretti kan itti fufu ta’uu manni murtii ajajeera. M/M/A/Kutaa Magaalaa Koyyee Faccee.

Ataakilt Taaddasaa Nagahee Lakk. isaa 1889426 kan ta’e galmaa’ee naaf kenname na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Furii.

Fiqiraaddis Baqqalaa Nagahee Lakk. isaa 431657 ta’e maqaa Darribaachewu Haabtaamuutiin galmaa’ee kennameef na jala bade jechuudhaan ragaa bade kan bakka bu’e akka kenninuuf gaafataniiru.kanaafuu, namni mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaa bade kan bakka bu’e kan hojjenne laannuuf ta’uu ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Buraayyuu.

Obbo Naafseenaa Tasfaayee Gonfaa Magaalaa Muka Xurrii ganda Horsiis keessatti 1^{ffaa} Nagahee Lakk. isaa 0906699 2^{ffaa} Lakk. Nagahee 0658841 3^{ffaa} Lakk. Kaartaa Bule Pirintiin ittin mirkanaa’e Lakk. isaa W/B/M/165 ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’eekennameef na jalaa bade jedhanii waajjira keenyaatti iyyataniiru. Kanaafuu, namni ragaalee kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 10 keessatti akka deebisu ibsaa, guyyaa jedhame kana keessatti deebisuu baannaan nagaheen kun tajaajila kamiyyuu kan hin kennine ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Muka Xurrii.

Aadde Tawaabech Baqqalaa mana jireenyaa Magaalaa Adaamaa ganda Bareechaa keessaa qaban Kaartaa Lakk. isaa 1258/2000 kan ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraabakka bu’ee akka naaf kennamu jedhanii gaafataniiru. Kanaafuu, qaamni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate abbaa qabeenyaa kanaaf ragaan kan biraa hojjetamee bakka buufnee kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Adaamaa.

Obbo Mohaammad Nuur Nagahee Lakk. isaa 1126348 ta’e maqaa Warqinesh Mitikkuutiin galmaa’ee kennameef na jala bade jechuudhaan ragaa bade kan bakka bu’e akka kenninuuf gaafataniiru.kanaafuu, namni mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaa bade kan bakka bu’e kan hojjenne laannuuf ta’uu ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Buraayyuu.

Nitsuu Mogos Nagahee Lakk. isaa 196354 ta’e maqaa Mulliyyee Nigaatuutiin galmaa’ee kennameef na jala bade jechuudhaan ragaa bade kan bakka bu’e akka kenninuuf gaafataniiru. kanaafuu, namni mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaa bade kan bakka bu’e kan hojjenne laannuuf ta’uu ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Buraayyuu.

Obbo Mulugeetaa Ayyalaa Lakk.Nagahee 168881 kan ta’e, Lakk. Galmee M-4168 ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Furii.

Obo Mul’ataa Ulfaataa Nagahee Lakk. isaa 561965 ta’efi 2564922 ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef na jala bade jechuudhaan ragaa bade kan bakka bu’e akka kenninuuf gaafataniiru.kanaafuu, namni mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaa bade kan bakka bu’e kan hojjenne laannuuf ta’uu ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Gafarsa Gujee.

Obbo Haabtaamuu Abbabaa Asaffaa mana jireenyaa Magaalaa Adaamaa Kutaa Magaalaa Bokkuu Shanan Aanaa Harooreetti keessatti Lakk. Kaartaa isaa Ko/0172/2009 ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee akka naaf kennamu jedhanii gaafataniiru. Kanaafuu, qaamni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate abbaa qabeenyaa kanaaf ragaan kan biraa hojjetamee bakka buufnee kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Bokkuu.

Obbo Adaanaa Biredaa Bulchiinsa Magaalaa Shaggar Kutaa Magaalaa Galaan keessatti lafa mana jireenyaa kennameef Nagahee duraa Lakk. isaa 2440539 kan ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu namni nagahee kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti qaama dhimmi ilaaluf akka deebisu,yoo kun ta’uu baate kan duraanii akka badetti tilmaamamee footoo koppii orjinaalaa kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna.Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira kaadaasteraa Kutaa Magaalaa Galaan.

Himataan A/Alanagaa Waliigala Oromiyaafi Himatamtoonni Qiddisti Yeshiiwaas Katamaa fa’aa N-16 jidduu falmii yakka maalaammaltummaa jiru ilaalchisee Himatamtoonni 2^{ffaa} Maarsheet Taaddasaa Tafarraa 4^{ffaa} Ashannaafii Waajjiraa Waaqwayyaa 5^{ffaa} Tigisti Allebbaachoo Balaay 10^{ffaa} Saadiq Akimaal Rashiid 11^{ffaa} Masfin Ittaanaa Fufaa 12^{ffaa} Tamsgeen Taaddasaa Lammaa 13^{ffaa} Fu’aad Huseen Mahaammad 14^{ffaa} Zalaalam Addunyaa Girmaa 15^{ffaa} Mihirat Girmaa Maariyaam 16^{ffaa} Ashuu Tolasaa Badhaasaa mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 12/07/2016 sa’aatii 4:20irratti akka dhiyaattan manni murtii ajajeera. M/M/W/ Oromiyaa.

Lafawwan miidhaman xuxxuqqaarraa bilisa gochuudhaan deebi’anii akka dandamataniifi oomishitummaansaanii akka dabalu gochuun ni danda’ama!



Seeraafi Haqa

Taammanaa Gammadaa

Haqaqabeessummaa seera daldalaafi heera mootummaa Itoophiyaa

(Kan darberraa kan itti fufe)

Mirga qaama sadaffaa eegsisuuf jecha mallattoon daldalaa gati-dhabeessa ta'u gaazexaa yookaan miidiyaa tamsaasa bal'aa qabuun ummanni akka beekuuf akka darbu ni ta'a. Abbaan qabeenyaa mallattoonsaa karaa kanaan gati-dhabeessa ta'e maallaqni galmeessuudhaaf baase akka deebi'uuf gaafachuu hin danda'u.

Kanaafuu mallattoon daldalaa gati-dhabeessa yeroo ta'u bu'aa lama hordofsiisuu danda'a. Gati-dhabeessa ta'uunsaa boodatti deebi'ee raawwatinsa qabaata. Akkasumas mallatticha galmeessisuuf baasii baase deeffachuu hin danda'u. Galmeen mallattoo daldalaa haareffamus dhiifamuufi faayidaarra ooluu dhabuusaatiin haqamuu akkasumas guutummaan ykn gamisaan nama biraatti haala inni ittiin darbuu danda'u ilaalchisee kwt 20, 25, 34, 35fi 28 irratti tumameera.

Mallattoon daldalaa akkuma mirgoota qabeenya kalaqa sammuu kan biroo yeroo turmaataa kan qabu yoo ta'u kwt 24 kana ilaalchisee labsicha kwt 35fi 37 irratti tumaaleen jiran akkuma jiranitti ta'ee mirgi mallattoo daldalaa waggaa toorbaaf fudhatama argatee turuu danda'adha.

Haa ta'u malee mallattoon daldalaa hojii irra hin oolle waggaa toorba eeguun utuu hin barbaachisiin haqamuu ni danda'a. Keewwatni 36 waa'een gati-dhabeessa ta'uu mallattoo daldalaa dubbata. Haala kanaanis mallattoon galmaa'e waggaa toorba guutuuf fudhatama seeraa argatee haalli itti turuu hin dandeenye akkan ta'uu hubanna.

Galmees mallattoo daldalaa ilaalchisee murtii waajjirri galmees raawwatu kennetti namni walii hin galle mana murtii aangoo qabutti ol iyyannoo dhiyeessuu ni danda'a. Kanaafuu sarbamuun mirga abbaa qabeenyummaa mallattoo daldalaa addabbii beenyaafi yakkaa hordofiisuu danda'u ta'uu kwt 17, 40fi 41 irraa hubachuu ni dandeenya.

Armaan olitti kan ilaalle gabaabsinee kaa'uudhaaf mallattoon daldalaa akkuma mirgoota qabeenya kalaqa sammuu kan biroo qabeenya qaama-dhabeessa yoo ta'uu adeemsa keessa haqamuu, gatii-dhabeessa ta'uuu, dhiifamuufi haareffamuu mirgaa danda'uu dha. Seerri kun diinagdeen biyya keenyaa sirna gabaa fayyaaleessa ta'een akka gaggeeffamuufi mirgi soorattootaa gochaawwan dogoggorsiisoo ta'anirraa bilisa ta'ee akka gaggeeffamu taasisa. Akkasumas fedha irratti hundaa'ee filannoon meeshaaleefi tajaajilaa akka raawwatu taasisuu keessatti gahee isarraa eegamu bahuun guddina misooma dinagdee kaayyoo saffisiisuu kan qabudha.

Furmaata sarbamuu mirgaan mallattoo daldalaa ilaalchisee falmiin yeroo ka'u mana murtiifi abbaan taayitaa galiwwaniifi gumurukaa furmaata yeroo kennuu akka danda'aniifi furmaanni fullaa'aan mana murtiin akka kennamu

seerri ni ibsa. Furmaanni fulla'aan bu'uura seera hariiroo hawaasaafi seera yakkaan akka kennamu labsicha irratti tumamee jira.

Seera hariiroo hawaasaan furmaanni xumuraa hanga kennamutti bu'uura labsichaatiin dhorki yeroodhaaf kennamuu akka dandahamu ni ibsa. Labsichi kwt 39(4) irratti seera hariiroo hawaasaa kwt 155(1) irratti kan tumame caalaa bifa fooyya'aafi ifa ta'een faayidaa miidhaa irratti kufuuf jedhu beenyaa kaffalchiisuun baraaruun kan hin dandaa'amne yoo ta'e m/murtii miidhaa gama himataafi himatamaan gahuu danda'u yaada keessa galchuun dhorki kennuu akka danda'u tumuun aangoo mana murtiitti luugama kaa'eera.

Yaanni wal falmitootaa kan wal fakkaatuu taanaan manni murtii qorannoo waliigalaa geggeessee dhimmicha adda baasuuf dirqama akka qabu labsichi tumee jira. kanaanis qaamni tokko dhorka waan gaafate qofaaf kennuu akka hin qabne ibsa. Mallattoo daldalaarratti falmiin yeroo geggeeffamu tarkaanfiin fudhatamuu qabu kan biroon qabeenyichaaf wabiin galamaa'uu guyyoota 10 gumurukatti qabamee akka turu gochuudha. Himataan yookaan namni mirgi koo sarbameera jechuun iyyata isaa abbaa taayitaa galiwwaniifi gumurukatti dhiyeeffatu guyyaa 10 keessatti mana murtiitii ajaja fiduu baannaan maallaqni qabsiisames dhaalamee qabeenyi qabamee ture ammoo nama harkaa fuudhameef kennama.

Faayidaan seera kanaas abbaan mirgaa yeroo aaragalfii argatee dhimmicha mana murtiitti dhiyeessee safartuwwan barbaachisan guutee kan argame yoo ta'e mana murtiitti dhorkii baasuun mirgichatti akka fayyadamu gochuudha.

Gama biraan, mirgi koo sarbameera jedhee namni mana murtiitti iyyata dhiyeeffatu bu'uura labsichaa kwt 39(1)(b)fi 39(5)tiin qabeenyaa falmiif sababa ta'e seera d/f/h/h kwt 161(1)(a) fi 32tti akka kabajamuufi qabamu akkasumas akka hidhamuufi irraa of dhorku m/murtii dhorkii laachuu ni danda'a. Kanaafuu, mirgi mallattoo daldalaa kun mirga mana murtiin hanga xumuraatti kabajamuufi raawwachuu danda'u ta'uusaa hubachuun salphaadha. Armaan olitti abbaan mirga mallattoo daldalaa mirgi koo sarbameera jedhee haala iyyata itti dhiyeessuufi furmaataa yeroo gaafatu ilaalleerra. Itti fufees furmaata fulla'aa xumuraa jiran ilaalla. Kan biraan ammoo yeroo mirgi sarbame keessatti namni faaydaa hin malle argate bu'aa sana abbaa mirgaatii akka deebisu gochuudha. Seerri, daldalaan tokko galmees herregaa tokko qaba jedhee waan fudhatuuf galmees irraa ilaaluun mirga kana salphaatti raawwachiisuun ni danda'a yaada jedhu qaba.

Haata'u malee, qabatamaan mirga kana raawwachiisuun rakkisaadha. Furmaata maallaqa argamsiisanitti dabalatee m/murtii mirgichi qaama sadaffaa biratti akka beekamutti murtii kennuu ni

danda'a. Labsichi furmaata hariiroo hawaasaa kan akka dhorkaafi beenyaa kan teechisu yoo ta'u kwt 40 (2) irratti haalli beenyaa ittiin kaffalchiisan kan seera hariiroo haawaasaa kwt 2091 irratti beenyaa miidhaa jedhamee tumames qajeeltoo hanga miidhaa jedhu wajjiin kan wal- hin simneedha.

Kanaafuu sarbamuu mirga mallattoo daldalaatiif sirni kaffaltii beenyaa qajeeltoo hanga miidhaa jedhu dhiisuun yeroo mirgichi sarbamee turettis galii argame yoo kaan utuu hayyamaan kiraa fuudhee daldale kaffaluu kan qabuu ol akka kaffalu ni taasifama.

Haalli kaffaltii beenyaa labsii kanaan beekamtii argate qajeeltoo badhaadhina seeraa alaa (unlawful enrichment) kan hordofuu dha. Itti dabalees, labsichi kwt 40(1) akkuma seera hariiroo hawaasaa kwt 2121 irratti tumame haala dhorki dhaabbata irratti kennamu "himatamichi mirga namaa sarbuu akka dhaabuu murteessuu ni danda'a jedhee waan tumuuf seerri kun mirga qabeenya kalaqa sammuutiif eegumsa guddaa kan kennu ta'uusaa agarsiisa.

Sarbama mirga mallattoo daldalaafi furmaatilee hariiroo hawaasaa fudhatamuu qaban ilaalchisee akkuma ibsameen maqaa gaariifi kabajni abbaa mirga qabeenyaa kanaa akka deebi'uuf m/murtii seerri hariiroo hawaasaa kwt 2120fi seerri daldalaa kwt 134 (2) (a) bu'uura ajajaniin beeksisni ba'uufi uummannis akka beeku taasisuus ni danda'a.

Tarkaanfiin kunis abbaan qabeenya mirga kanaa gara gabaatti deebi'ee faayidaa fooyya'aaf akka hojjetu haala mijeessa. Itti gaafatamummaa yakkaa gara dhumaatti, labsichis sarbamuu mirgaa mallattoo daldalaa ilaalchisee furmaata hariiroo hawaasaa haaluma tumameen kwt 41 irratti namni tokko mirga mallattoo daldalaa sarbamuu saa kan mirkanaa'e taanaan bu'uura kwt 720tti itti yaadee gochicha yoo raawwate hidhaa waggaa 5 gadi hin taaneefi waggaa 15 hin caalleen adabama.

Gochicha dagannoon raawwate taanaan hidhaa waggaa 1 gadi hin taaneefi waggaa 5 hin caalleen adabama. Akkasumas yakkicha raawwachuuf meeshaalee hojiirra oolan qabuu dhaaluufi hojii ala taasisuu dabalata jechuun tumee jira. Tumaan labsii kana kan agarsiisu mirga mallattoo daldalaa sarbuun hangam akka adabsiisu qofa utuu hin ta'iin uummanni daldaltoota mallattoo daldalaa seera dhabeessa ta'anitti fayyadamaniin akka hin gowwomfamneefi meeshaaleefi tajaajila gaarii hin taane bituun miidhaarra akka hin buunne eeguuf seera ba'ee ta'uusaati.

Kanaafuu mirga qabeenyaa kalaqa sammuu socho'aa qaama dhabeessaa mirgoota daldalaa keessattis kan hammataman waan ta'eef eegumsa seera daldalaatiin kennameef caalaa labsiilee kanneeniin eegumsi akka kennamuuf ta'eera waan ta'eef mirga kanarratti falmiin yeroo ka'u seerota kanneenirratti hundaa'uun furmaata kennuun barbaachisaadha.

Gara fuula 2tti

Dhiibbaawwan bosonoota keenyarra jiru hir'isuuf qoraaniifi ijaarsaaf filannoowwan jiran faayidaarra haa oolchinu!



Raawwii hojiilee Ejensii Galmeessa Siiviilii Oromiyaa kurmaanota jalqabaa lamaan jalqabaa bara bajataa 2016

Biyya tokko keessatti sirna haqaa si’ataa,qulqullina, itti gaafatamummaa qabuufi mirga namoomaa uumamaan ilma namaatiif kenname kabjchiisuuf faayidaan waraqaa ragaa dhalootaa, gaa’ela, hiikkaa gaa’elaa, guddifachaafi du’aa qabu baayyeee olaanaadha.

Ejensiin Galmeessa Siivilii Oromiyaa kanuma bu’uura godhachuun aangoofi gahee hojii kennameefirratti hundaa’uudhaan Naannoo Oromiyatti hojii Galmeessi Siiviilii karaa hunda-geleessa,itti fufinsa qabuufi haawaasa hunda hammatuun akka raawwatuuf hojjechaa jira.

Nutis, raawwii hojiilee gurguddoo ejensichaa bara kana hanga xumura kurmaana 2^{ffaa}fi hanqinoota fuula duratti xiyyeeffannaa barbaadanirratti ragaa Daarektoreetii Kominikeeshiinii Ejensichaarraa arganne akkaataa asii gadiitti dhiyeessineerra.

Hojiiwwan gurguddoo hanga xumura kurmaana lammaffaatti hojjetaman

Ejensiin Galmeessa Siivilii Oromiyaa ragaawwan siiviilii akkuma mudataniin galmeessuudhaan, istaatistiksii bu’uuraa maddisiisuun karoora ragaarratti hundaa’e qopheessuun, bulchiinsa hundagaleessaafi misooma biyyaalessaa karaa ammayyaa’een deggeruu ergamasaa taasifatee hojjechuurratti kan argamu yammuu ta’u, galmeessaafi bulchiinsi ragaa bu’uuraa hawaasummaa ammoo toora xiyyeeffannoosaati.

Haaluma kanaan, Ejensiin kun ergamaafi toora xiyyeeffannoosaa bu’uura godhachuun Naannoo Oromiyaatti taateewwan siiviilii kanneen akka dhalootaa, gaa’ela, hiikkaa gaa’elaa, du’a, guddifachaa, mucummaa fudhachuufi abbummaa Mana murtiitiin beekamtii argatan galmeessuun ragaa qabatamaa dorgomummaa dinadgee, hawaasummaafi siyaasaa Naannichaa deggeru maddisiisuuf hojii uwwisa galmeessa siiviilii fooyyeessuu sadarkaa gandarraa jalqabee hanga naannootti hojjechaa jira.

Bara kanas kurmaana 2^{ffaa} keessatti hojiiwwan hojjetaman keessatti ciminoota, hanqinaalee, rakkoolee adda ba’aniifi tooftaa fuula duratti rakkoolee kanneen ittiin maqsuun danda’amu ejensichi kaa’ee hojjetaa jira. Isaanis itti aananii ibsamaniiru. Ejensiin Galmeessa Siiviilii Oromimiyaa bara 2015 keessatti hojiilee hojjetaman keessatti ciminoota argaman caalaatti itti fufsiisuuf hanqinoonniifi rakkoolee turan adda baasuun bara 2016 keessatti akkaataa itti furuun danda’amurratti karoorri hirmaachisaa ta’e qopheessuun hojiitti gale. Karoora qophaa’errattis hojjetootni ejensichaa sadarkaa naannoo, godinaafi bulchiinsa magaalootaa walii yeroo boqonnaa qophii keessatti irratti mari’achuun hojiitti akka gale ragaan barreeffamaa mana hojicharraa argame ni ibsa.

Hojii Inisheetivii babal’ina
Awutomeeshinii(siistama TQO) hojiirra oolchuu

Sirna galmeessa siiviilii lafa qabsisuu keessatti rakkoole mul’ataa turan keessaa inni ijoon Automeeshiniin deggeramuu dhabuurraa kana ka’e kenna tajaajilaa galmeessa siiviilii baayyina,ariitiifi qulqulinaa barbaadamuun galmeessuurrattii dhiibbaa uumaa tureera. Kanaaf, bara 2016 keessatti rakkoo kana furuuf inisheetivii awutomeeshinii (siistama TQO) galmeessa siiviilii kana hojiirra olchuun jalqabamuudhaan gandoota naannichaa duraan hojii eegalan 118fi gandoota baadiyyaa haaraa 600, gandoota magaalaa 29 irratti bara kana hojiirra oolchuuf karoorfamee hanga kurmaana 2^{ffaa}tti gandoota keessatti hojiirra oolchuun danda’ameera.

Hojii uwwisa tajaajila Galmeessa Siiviilii qaqqabamaa taasisuuf

Hojii Galmeessa Siiviilii dhaqqabamaa taasisuuf hojjetamu milkeessuuf dhimmoota murteessoo ta’an keessaa tokko uwwisa tajaajila humna namaa sadarkaa gandaarra jiru yoo ta’u, deggersaafi hordoffii maloota garaagaraatiin taasifameen harcaatiin humna namaa sadarkaa gandaatti jiru adda baasuun qaama dhimmi ilaalu beeksisuun furmaata akka argatuuf hojjetamaa kan jira. Kanaanis, hanga kurmaana 2^{ffaa}tti gandooti 1,458 qondaala galmee kabajaa ykn manaajara gandaa kan hin qabne ta’uu ragaan adda bahee waajjira pirezdaantii mootummaa Naannoo Oromiyaatiif dhiyaatee murtoo darbeen caasaa sadarkaan jiruuf maanaajaroota ykn qondaala galmee kabajaa akka guuttataniif qajeelfamni akka gadi bu’u ta’eera.

Bajata geejjibniifi laaqanni manaajarootaatiif akka qabamu taasisuu

Gandoota baadiyyaa 6400 jiranirrattii bajati geejjibaafi laaqana qondaala galmee kabajaa ykn manaajaraa qabsiisuuf karoorfamee gandoota 5,070’f bajanni geejjibaafi laaqana qondaala galmee kabajaa ykn manaajarri gandaa ji’aan sanadoota galmeessaa siiviilii gara aanaatti yoo fidan kaffalamu qabameefi jira. Raawwiin kunis, baroota darban waliin walbira yoo ilaalamu fooyya’insa guddaa kan fideefi xiyyeeffannaan hoggansi sadarkaan jiru kennu yeroo gara yerootti fooyya’aa kan dhufeefi hubannoo barbaachisummaafi faayidaa galmeessa siiviilii waliin walqabatu guddachaa dhufuu kan agarsiisudha.

Uwwisa galmeessa taatee waraqaa beeksisaan raawwatamu fooyyessuu

Uwwisa kana fooyyessuuf dhaabbilee fayyaa waliin qindoomina jiru cimsuudhaan taatee dhalootaafi du’aa dhaabbilee fayyaafi dhaabbilee fayyaan alatti mudataniif waraqaan beeksisaa kennamee ragaa guutuufi wayitaawaan akka maddisiisuu danda’amu deggersaafi hordoffii taasifamee waraqaan beeksisaa harcaatii kan qabu ta’uu, karaa itti fufiinsa qabuun hojjechuu dhabuufi hordoffiin jiru laafaa ta’uun beekameera.

Qindoomina qooda qabaattotaa cimsuu

Hojii galmeessa siiviilii qindoomina qooda fudhattotaan alatti milkeessuun waan ulfaatuuf ejensichi qooda qabaattota hunda adda baasuun

akkaataa barbaachisummaa isaanitin kanneen baayyee murteessoo ta’an adda baasuuf ulaagaa qopheessuun qooda qabaattota 13 keessaa 8 filatee, galma gahiinsa raawwiisaaaatiif koreen teekinikaa miseensota 6 qabu ijaareera. seekteraaleen koree kana keessa jiran waliinis karoorri qindoominaa qophaa’uu karoorfamee, kunis % 100 raawwatamee mana marii galmeessa siiviilii Oromiyaatif dhiyeessuuf sagantaan qabameera.

Kana malees, Galmeessa siiviilii madda odeeffannoo taasisuun tajaajila bulchiinsaa, seeraafi istaatistiksiif oolchuun buchiinsasa ammaayyaa’aa ta’e diriirsuun lammii imaammata mootummaarraa fayyadamaa taasisuudha. Kana milkeessuufis leenjiifi hubannoo hawaasa bal’aaf kennuun hawaasni taateewwan mudate akka galmeessu gochuun murteessaa waan ta’eef raawwii hanga kurmaana 2^{ffaa}tti hoggantootaafi ogeessota sadarkaan jiran 4,189 ta’aniif leenjiin kennameera. Kana malees, hojjetoonni ga’umsaan tajaajila akka kennaniifis leenjii rifoormiifi naamusaa humna raawwachisummaa hoggantoota mana hojii 46f kennameera.

Hawaasa sadarkaan jiru warra akka abbootii amantaa, gegeessitoota dhaabbilee hawaasaa, hawaasa dhaabbilee barnootaa ykn barattootaafi barsiisota walumaagala namoota miliyoona 9fi kuma 462fi 840 ta’aniif barbaachisummaafi faayidaa galmeessa siiviiliirratti hubannoon uumameera. Gama biraatiin hawaasni maalummaa, faayidaafi hojii galmeessa siiviilii akka hubatuuf hanga hanga kurmaana 2^{ffaa}tti biroosharoota koppiin 8,000 maxxanfame raabsameera.

Ejensichi hojii qindoominaa caalaatti cimsuun ergamsaa karaa qulqullina qabuufi guutuu ta’een milkeessuuf tibba darbe Abbootii murtii naannichaa sadarkaan jiran waliin akkaataa qindoominaan waliin hojjechuun danda’amurratti Magaalaa Adaamaatti mari’ateera.

Hojii galmeessa , gurmaa’insa, eegumsaafi bulchiinsa ragaa

Meeshalee maxxansaa galmee kabajaafi waraqaa ragaa yeroon maxxansuun tajaajilli galmeessa taateewwanii karaa itti fufinsa qabuun akka kennamuuf hanga kurmaana 2^{ffaa}tti galmee kabajaa 6530fi waraqaan ragaa 877 maxxanfameera. Galmee kabajaa 14,093 maxxansuuf karoorfame keessaas 6530, waraqaan ragaa 877 raawwatameera.

Raabsa meeshaalee galmeessaa

Bu’uura gaaffii meeshaalee galmeessaa godinaaleefi bulchiinsa magaalotaarraa dhiyaateen hanga kurmaana 2^{ffaa}tti galmee kabajaa 8,265fi waraqaa ragaa 901,700 haaluma gaafatameen raabsameera.

Taateewwan galmeessuu

Taateewwan waliigalaa Naannoo Oromiyaa keessatti galmeessuu 2,085,070 karoorfamee daangaa yeroo seeraan taa’e keessatti galmeeffamaniirratti **Gara fuula 15tti** xiyyeeffachuun sanadoota

Bulchiinsa gaarii mirkaneessuun dagaagina sirna dimookiraasiitiif bu’uura!



Kenna tajaajilaa sadarkaa . . .

irratti argamu qorachuun kallattii kaa'aa tureera.

Koreen Taaksi Foorsii kunis naannicha keessatti kenna tajaajilaa bu'uurarraa fooyyessuufi ammayyeessuun itti quufinsa tajaajilamtootaa mirkaneessuuf gama tokkoon rifoormii fooyya'insa kenna tajaajilaa hojiirra akka oolu, karaa biraa ammoo to'annaafi hordoffiin tajaajila manneen hojii mootummaarratti taasifamu akka cimu kallattii kaa'ee bu'aasaas qorachaa jira.

Haaluma kanaan Koreen taaskifoorsii kun tibbana bakka Itti Aanaan Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaafi Walitti Qabaan Koree Taaksifoorsichaa, Obbo Awwaluu Abdii argamanitti sadarkaa raawwiin rifoormii kenna tajaajilaa kun irratti argamuufi to'annoofi hordoffii tasaa kenna tajaajilaa Biiroon Paabilik Sarviisiifi Qabeenya Namaa Oromiyaa tibbana geggeesse qorachuun kallattii kaa'eera.

To'annoofi hordoffii tasaa taasifame dabalatee akka waliigalaatti kenni tajaajilaa Naannoo Oromiyaa tajaajiloota bittinnaa'an gara tokkotti fiduun tajaajilli iddoo tokkoo akka babal'atu, deddeebii hir'isuun itti quufinsa abbaa dhimmaa kan dabaluu, tuttuqqaarraa bilisa ta'uun gara dijiitaalaatti ceesisuuf xiyyeeffannoon hojjetamuu qabas jedhameera. Kanaafimmoo haala

qabatamaa Naannoo Oromiyaa giddugaleessa godhachuun muuxannoon biyyaa keessaafi biyya alaa fudhatamee hojiirra ooluu akka qabu ibsameera.

Obbo Awwaluun hojiin rifoormii kenna tajaajilaa fooyyessuuf hojjetamu kamiyyuu muuxannoo akka naannootti kanaan dura jiru guutummaatti dhabamsiisee kan ka'u osoo hin taane muuxannoo jirurratti ida'uun hojii hanga ammaatti hojjetame fooyyessaafi ammayyeessaa kan deemu ta'uu akka qabu dubbataniiru. Kenna tajaajilaan walqabatee hoggansiifi ogeessi sadarkaan jiru kallattii mootummaan yeroo yeroon kaa'u hojiirra oolchuuf xiyyeeffannoon hojjechuu qabu. Itti quufinsa ummataa mirkaneessuun dhimma murteessaa ta'uu eeranii, kenna tajaajilaa manneen hojii mootummaa hundeerraa fooyyessuuf adeemsaalee hojii dijiitaaleessuufi madaalliin hojiifi ogeessaa karaa saayinsaawaa ta'een hojjetamuu akka qabus Obbo Awwaluun hubachiisaniiru.

Tarkaanfiifi hordoffiin tasaa ykn Suupparviizhiniin manneen hojiifi magaalota muraasa keessatti eegalame bakka hundatti kan itti fufu akka ta'eefi hojjetaafi hoggansi ulaagaafi isataaandardii hojii kaa'ame eeguun tajaajila saffisaa, qulqullina qabuufi qaqqabamaa ta'e hawaasaaf kennuu akka qabanis dhaamaniiru.

Biiroo Daandiiwwaniifi . . .

Dubartoota Addunyaa “March 8” sirnoota garaagaraan yaadatee oolera.

Dhalattoonni Oromoo biyya Yuunaayitid Arab . . .

jennee kitaabilee kana deeggarsa taasisneerra jechuun dubbataniiru. Fuuldurattis hawaasa diyaasporaa qindeessuun deeggarsa barbaachisaa kan taasisan ta'uu himaniiru.

Hoogganaan Waajjira Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Dr.Abdulaziiz Daawud sagantaa walharkaa fuudhinsa kitaabilee kanarratti argamuun haasaa taasisaniin, sadarkaa addunyaan har'a irra geesse waliin tarkaanfachuuf

Bakki tursiisafi kunuunsa dawwatameera daa'immanii damee kana keessatti ijaaramee tajaajilaaf qopha'ees

hidhannoo barnootaafi teeknoolojii cimsuun murteessadha jedhan. Dhaloota barnootaafi teeknoolojiin gahoomsuuf wal hubannaan hojjechuun barbaachisaa waanta'eef diyaaspooran biyya isaatti investimantii babal'isuun faayidaa ummataa karaa giddugaleessa godhateen hojjechuun beekumsaafi dandeettii qabuun lammiileesaa bira dhaabbachuu akka qabus dhaamaniiru.

To'annoofi hordoffii kenna tajaajilaa tasaa taasifameen walqabatee bakka muraasatti waanti gaarii jiraatus iddoowwan hordoffiin taasifame hedduutti sa'aatii hojii mootummaafi guyyaa abbaa dhimmaa kabajuu, istaandaardii hojii qopheessuufi hojiirra oolchuu, simannaafi itti quufinsa abbaa dhimmaa mirkaneessuu, galmee yaadaa, baajii godhachuufi kan biroorratti hanqinni guddaan akka jiru hubatameera. Manneen hojii hoggansiifi hojjetaan bakka hojiisaaniitti argamuu dhabuun abbaa dhimmaa deddeebiif saaxilanis saamsamaniiru.

To'annaafi hordoffii tasaa taasifameen hojjetaan karooraafi gabaasa qopheeffachuu dhabuu, dallaalaan kenna tajaajila mootummaa keessaa harka qabaachuufi hoggansi hojjetaafi hojii to'achuu dhabuun akka argannootti adda ba'eera. To'annaafi hordoffiin tasaa taasifamu hojimaata ifaan deggeramuun manneen hojii sadarkaan jiran hunda biratti cimee itti fufuu akka qabu kallattiin kaa'ameera.

Akka waliigalaatti rakkoo kenna tajaajilaa naannichaa hundeerraa furuuf rakkoo ilaalchaa, hanqina beekumsaa, bu'uuraalee kenna tajaajilaa, fedhii jijjiiramaa, hojimaataafi sirna ittigaafatamummaa akkasumas kutannaafi beekumsaan hogganuu hoggansa mootummaa sadarkaan jiru bira jiru furuun akka barbaachisus eerameera.

Kenna tajaajila fayyaa . . .

kanaan dura sagantaan paakeejii ekisteeshiinii fayyaa ittisarratti xiyyeeffatee hojjetamaa ture gara tajaajila guutuu kennuutti ceesisuudhaaf dhaabbilee fayyaa fedhii ummataa waliin wal gitu ijaaruufi babal'isuuf hojjetamaa jira jedhan.

Haaluma kanaan,kellaan fayyaa waliigalaa Biiqaa jedhamu qarshii miliyoona 22.8 oliin ijaaramaa jiru yeroo ammaa ijaarsisaa % 95 ol hojjetamuun tajaajilaaf qophii ta'ee jira.

Dabalataan dhaloota boru abdii biyyaa ta'u uumuudhaaf guddina daa'immaniirratti hojjechuun murteessaa waan ta'eef hojiin kutaalee daa'imman guddinnisaanii keessatti hordofamu buufataalee fayyaa Aanichaa shanan keessatti hundeessuun hojichi xiyyeeffannoo addaatiin hojjetamaa jiraachuu Itti gaafatamichi himaniiru.

Buufatalee fayyaafi gandoota hojii fayyaafi rifoormiin adda duree gochuun walqabatee buufataalee fayyaa raawwii olaanaa qaban 2fi gandoota 13 horachuun danda'amee jira.Kunis dubartoota sagantaa paakeejjii ekisteeshiinii fayyaarratti leenjisuufi ga'oomsuudhaan bu'aa argamedha jedhameera.

Gama biraatin tajaajila qulqulluufi haqa qabeessa ta'e hawaasni hundi akka argatuuf hiyyeessaafi soorressa utuu adda hin qoodiin tajaajila qixa kan ittiin argatu Inshuraansiin Fayyaa Hawaasaa bara kana akka Aanichaatti abbaa warraa kuma 13fi 112 fayyadamaa taasisuuf karoorfamee %100 xumuruumuun fayyadamoo Inshuraansii fayyaa hawaasaa taasisuus obbo Gammachuun himanii jiru.

Harka keessan saamunaafi bishaaniin yeroo yeroodhaan sirriitti dhiqadhaa!



Bohaartii

Ibsaa Xurunaa

Jala bultii cidhaa namoonni kuma 50 irratti afeeraman

Afeerraa guddaa namoota bebbeekamoon irratti hirmaatan kana nyaataafi dhugaatii dhihaatuun cinaatti weelliftoonni bebbeekamoon addunyaa keenyaa argamanii saganticha miidhagsaniiru.

Afeerraa cidhaan dura taasifamu kanarratti gaggeessitoota kubbaaniyyaawwan bebbeekamoo addunyaa, taatowwan fiilmii bebbeekamoo Hooliwiudiifi Booliwiud akkasumas angawoonni siyaasaa bebbeekamoon afeerraa guddicha kanarratti kanneen argamanidha.

Dureessi beekamoon lammii Hind Mukeesh Amibaanii jedhaman magaalaa Jaamnaagaar kuyitaa biyyaa Gujiraat Ambaanii keessatti dhangaa kana jala bultii cidha ilmasaanii sababeeffachuun kan qopheessanidha malee guyyaan cidhaa eessa akka ta'ee fi maal akka yaadan garuu miidiyaan biyyattii Hindustaa Taayimsi waan jedhe hin qabu. Qe'ee dhalootasaaniitti qopheessuunsaniis firootaniifi namoota nannoo waliin gammachuusaanii qooddachuuf yaadaniitu jedhameera.

Afeerraan namoota bebbeekamoo kuma 50f qophaa'e kunis guyyoota sadiif yoo ta'u, sagantichaaf qophiin qe'ee dureessa kanaatti taasifame sagantaa guddaa biyyaaleessaa kabajuuf qophii taasifamuun olitti xiyyeeffannoo kan argatedhas jedhameera.

Maanguddoo umrii waggaa 66 kan ta'an Mukeesh Ambaanii boba'aafi teelekkoomiin dabalatee dameewwan daldalaa hedduu kan of keessatti hammate Industirii Riiliyaans jedhamu kan sochoosan yoo ta'u, qabeenyaa doolaara biliyoona 114 akka qaban Foorbis



gabaaseera. Kunimmoo Eeshiyaarraa sadarkaa 1ffaa akka qabatan isaan taasiseera.

Ilmisaanii umrii waggaa 28 Anaant bara kana shamarree wagaa tokkoon isa caaltu hojii daldalaarratti bobbaatee jirtu Raadihiikaa Merchaant jedhamtu waliin bulloo ijaarrachuuf jiru sababeeffachuun michuwwan hojiiifi namoota bebbeekamoo waliin gammachuusaanii qooddachuuf afeerraa guddaa jala bultii irratti kan qopheessaniif.

Afeerraa guddaa kana ilaalchisuun waraqaa waamichaa qopheessanirrattis ilma koo duureessa fuusifachuuf waanan jedhuuf michuwwan koo kottaa ana waliin gammadaatii ofii keessanis bashannanaa ergaa jedhu kaa'aniiru.

Cidha gati jabeessa ta'e qopheessuun kan beekaman dureessichi bara 2018 intala durbaa kan heerumsiifatan wayita ta'u, cidhichaa fisis Paawundii mil. 100 baasaniiru. Cidhicharratti weelistuu beekamtuun Biyyoonseen argamuun

weellifteetti.

Jala bultii Cidha ilmasaanii bara kanaarrattimmoo Rihaanaa dabalatee weelliftoonni bebbeekamoon adda addaa maallaqni guddaan kaffalameefii namoota waamaman kuma 50 guyyoota sadaniif bashannansiisaa oolani bulaniiru.

Namoota bebbeekamoo afeerraa jala bultii cidhaa kanarratti waamaman keessaa hundeessaa 'microsoft' Biil Geets, Hoji Gaggeessaa Meettaa Maark Zuukarbarg, Itti Gaafatamaa Diizini Roobert Igariin dabalatee itti gaafatamtoonni kubaaniyyaawwan tekniolojii hedduun hirmaataniiru.

Ilmi Pirezidaantii Ameerikaa duraanii Doonaald Tiraamp Ivaankaa Tiraamp, Muummeewwan Ministeeraa duraanii Kaanaadaafi Siwiidin akkasumas taatowwan bebbeekamoo Booliwiud Amiitaab Baachiichaaniifi Shaaruuk Kaahaanis kanneen afeerricharratti hirmaatan ta'uu Sky news gabaaseera.

Raawwii hojiilee Ejensii Galmeessa . . .

galmeessaa sadarkaa gandaa hanga naannootti taateewwan kurmaana 2^{ffaa} hanga kurmaana 2^{ffaa} taateewwan akka dhalootaa, du'a, gaa'ela, hiikkaa gaa'elaafi guddifachaan walumatti kuma 266fi 551 akka galmaa'anidha ragaan ejensichaa kan ibsu. Taateewwan adda addaa yeroon irra darbee galmeeffaman ammoo 830,755dha.

Waraqaa beeksisa dhalootaafi sababa du'aa

Taateen dhalootaafi du'aa waraqaa beeksisa dhaabbilee fayyaarraa kennamuun deggeramuun kan galmaa'udha. Bara kana taatee dhalootaa 52,926 waraqaa beeksisa dhaabbilee fayyaarraa kennamuun galmeessuuf hojjetamaa kan jiru yammuu ta'u, hanga kurmaana 2^{ffaa} taateen dhalootaa 105,852 waraqaa beeksisaan galmeessuuf karoorfamee 74,529 galmaa'eera.

Taateen du'aa ammoo hanga kurmaana 2^{ffaa}tti 1,593 waraqaa beeksisaan galmeessuuf karoorfamee 179 galmaa'eera.

Qulqullina galmeessa siiviilii

Ejensichi sadarkaa Naannootti hanga kurmaana 2^{ffaa} sanadoota galmeessaa 830,755 simatame yoo ta'u, kana keessaa 753 rakkoo qulqul'inaa kan qaban sirreeffama barbaachisuuf godinaaleefi bulchiinsa magaalotaatiif akka deebi'u ta'eera.

Gama biraatiin tajaajila mirkaneessa sirrummaa waraqaa ragaa kennuurratti hojii hojjetameen gaaffii Abbaa dhimmaarratti hundaa'uun sirrummaa waraqaa ragaa Galmeessa Sivilii mirkaneesuu ilaalchisee hanga xumura kurmaana 2^{ffaa}tti 2889 simachuun mirkaneessuuf karoorfamee simachuun mirkaneessuun danda'ameera. Hojiirra

oolmaa siistamaan walqabatee bara kana gandoota 747 bira ga'uuf karoorfame keessaa hanga kurmaana 2^{ffaa}tti gandoota 147 ol irratti hojiirra oolchuun danda'ameera. Gama biraatiin, hang kurmaana 2^{ffaa} keessatti siistamaan taateewwan kuma 72fi 509 akka galmaa'uuf karoorfamee kumni 56,383 galmaa'uu danda'eera.

Rakkoon qulqullinaa sanadootaa mul'atan, uwwisi galmeessa taateewwanii daangaa yeroo seeraan taa'eerratti, waltajjii manamarii galmeessa siiviilii sadarkaa hundatti bifa walfakkatuun hojjechuu dadhabuufi hojjata ganda hunda bira bifa walfakkaatuufi karaa qixa ta'een siistamaan galmeessuurratti hubannoo walfakkaataa qabaachuurratti hanqinoonni mul'atan xiyyeeffannaa barbaadu.

Milkaa'inni gama misooma dinagdeetiin galmaa'e bulchiinsa gaarii mirkaneessuutiinis ni dabalama!

Obbo Habtaamuu Tasammaa mana jireenyaa Magaalaa Shararoo ganda 01 gooxii 4^{ffaa} keessaa qabu Lakk. Naghee mirriitii 235726 orjinaala ta’een Obbo Fayyisaa Baqqalaarraa bitatan otoo maqqa naaf hin jijjiirin waan na jlaa badaniif gara maqaa kootti akka naaf jijjiiramu jechuun gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo hin dhiyaanne maqaa gara bitataatti kan jijjiirru ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Shararoo

Obbo Asnaaqaa Makuraatiif
Bakka jirtanitti

R/himataa mana amantaa Qiddus Amaanu’eel Quwaachoofi R/himatamaa isin gidduu raawwii jiru ilaalchisee idaa qarshii 412,330 isinirra jiru akkaataa murtiitiin akka raawwattan, kan hin raawwanneef yoo ta’e baallama gaafa 03/07/2016 sa’aatii 3:30 irratti dhiyaattanii sababa hin raawwanneef akka ibsitan, kan hin ibsine yoo ta’e raawwiin itti fufee qabeenyaa keessanirratti kan raawwatamu ta’uu manni murtii ajajeera. M/M/Aanaa Walisoo

Aadde Salaam Caalaa Nagahee Lakk. isaa 0617948 kan ta’e galmaa’ee naaf kenname na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Furii.

Aadde Sinqee Abdiisaatiif
Bakka jirtanitti

Himataa Obbo Saamu’eel Warquufi himatamtuu isin gidduu falmii jiru ilaalchisee himatamtuun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii baallama gaafa 02/07/2016 sa’aatii 3:30 irratti deebii keessan barreeffamaan qabattanii akka dhiyaattan, kan hin dhiyeeffanne yoo ta’e mirgi deebii barreeffamaan dhiyeeffachuu keessan bira darbamee falmiin kan itti fufu ta’uu manni murtii ajajeera. M/M/Aanaa Kutaa Magaalaa Gafarsaa Gujee

Obbo Gazzaahanyi Wandaafiraash ragaan abbaa qabiyyummaa lakk.isaa 2050/2001 ta’e galmeesaanii waajjira keeya keessatti argamu keessaa waan badeef, namni ykn qaamni ragaa kana idaan, wabiin, dhorkaan qabate yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti dhiyaatee akka ibsu ni beeksifna. B/M/A/K/M/Daabeetti Waajjira Lafaa Aanaa Angaatuu

Caalbaasii ifaa

Falmii hariiroo hawaasaa r/himataa Taammanee Arraageefi r/himatamaa Biruuk Girmaa gidduu waa’ee raawwachiisa murtii jiru ilaalchisee Manni Murtii Olaanaa Magaalaa Shaggar qabeenyaa r/himatamaa kan ta’e manni jireenyaa Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Sulultaa Magaalaa Caancoo ganda 01 keessatti argamu qorqoorroo baallee 25 ofirraa qabu tilmaama ka’umsa caalbaasii qarshii 300,000n gaafa 4/7/2016 sa’aa 3:00-6:00tti koreen caalbaasii raawwachiisuuf dhaddachi hundeesse iddoodhuma manichi argamutti caalbaasii ifaa ta’een gatii argameen akka gurguru waan ajajameef kan bitachuu barbaaddan CPO ka’umsa caalbaasii 1/4^{ffaa}saa qabsiisuudhaan bakka qabeenyichi argamutti argamtanii dorgomtanii bitachuu kan dandeessan ta’uu manni murtii ajajeera. M/M/Ol/Magaalaa Shaggar

Caalbaasii ifaa

Falmii hariiroo hawaasaa r/himataa Taammanee Arraageefi r/himatamaa Biruuk Girmaa gidduu waa’ee raawwachiisa murtii jiru ilaalchisee Manni Murtii Olaanaa Magaalaa Shaggar qabeenyaa r/himatamaa kan ta’e manni jireenyaa Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Waacaalee Magaalaa Muka Xurrii keessatti argamu qorqoorroo baallee 40 ofirraa qabu tilmaama ka’umsa caalbaasii qarshii 600,000n gaafa 3/7/2016 sa’aa 3:00-6:00tti koreen caalbaasii raawwachiisuuf dhaddachi hundeesse iddoodhuma manichi argamutti caalbaasii ifaa ta’een gatii argameen akka gurguru waan ajajameef kan bitachuu barbaaddan CPO ka’umsa caalbaasii 1/4^{ffaa}saa qabsiisuudhaan bakka qabeenyichi argamutti argamtanii dorgomtanii bitachuu kan dandeessan ta’uu manni murtii ajajeera. M/M/Ol/Magaalaa Shaggar

Obbo Tasfaayee Shittaayee mana jireenyaa Magaalaa Amboo ganda Y/G keessatti kaartaa Lakk.isaa **፳/፱**/466/87 kan ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu, namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee kaasee guyyaa 20keessatti akka deebisuu.Kana ta’uu baannaan raga kan biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Amboo.

Obbo Shittaayee G/Wald mana jireenyaa Magaalaa Amboo ganda Y/G keessatti kaartaa Lakk.isaa B/M/A/1620/92 kan ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu, namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee kaasee guyyaa 20keessatti akka deebisuu.Kana ta’uu baannaan raga kan biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Amboo.

1^{ffaa} Obbo Chaalaachoo Yisaaqiitiif
2^{ffaa} Obbo Mikaa’eel Raggaasaatiif
3^{ffaa} Dhaabbata Taataa Konsaltansii Sarviisaa (Tata Consalt Sarvice)tiif
Bakka Jirtanitti

Oliyyataan Waldaa Aksiyoonaa Biiraa Meettaa Aabboofi Deebii kenitoonni isin jidduu falmi jiru ilaalchisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 13/07/2016 sa’aatii 5:30irratti akka dhiyaattan manni murtii ajajeera .M/M/W/Oromiyaa

Aadde Zinnaash Kadiir mana jireenyaa Magaalaa Adaamaa ganda Gooroo keessaa qaban Kaartaa Lakk. isaa 237/85 kan ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraabakka bu’ee akka naaf kennamu jedhanii gaafataniiru. Kanaafuu, qaamni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate abbaa qabeenyaa kanaaf ragaan kan biraa hojjetamee bakka buufnee kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Adaamaa.

1^{ffaa} Turaa Qalbeessaatiif
Bakka Jirtanitti

R/Himataan Dhaabbata Maayikroo Faayinaansii MAKLIT Damee Walisoo fi R/Himatamaan isin jidduu falmi maallaqa liqii jiru ilaalchisee R/Himatamaan 1ffaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 02/07/2016 sa’aatii 5:00irratti akka dhiyaattan manni murtii ajajeera.M/M/O/G/Sh/Ki/Lixaa.

Wasanuu Dabalaa Nagahee Lakk. isaa 285823 ta’e waan na jalaa badeef kan biraa akka kennamuuf gaafatanii waan jiraniif qaamni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabdheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun ba’ee guyyaa 30 keessatti tooftaa kamiiniyyuu yoo beeksifachuu baate nagahee kan biraa baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafa kutaa Magaala Galaan Guddaa .

Aadde Tigisti Golboo Nagahee mirriiti iddoo mana jireenya lakk. 2360019 ta’e maqaa isaaniitiin Magaalaa Sulultaa keessattii galmaa’e kennameef waan jalaa badeef kan biraa akka kennamuuf gaafataniiru. kanaafuu qaamni ragaa kana arge ykn sababa addaatiin kan qabatee jiru yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti Waajjira Lafa kutaa Magaala Sulultaatti akka dhiyaattan , kun kan hin tanee tanaan ragaa biraa hojjenne kan kenninuuf ta’uu ibsaa,beeksifni kun bahee guyyaan isaa edda irra darbee boodaa ragaan kun yoo argamellee kan hin hojjenne ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Sulultaa.

Aadde Asnaaqech Asfaawu waraqaa ragaa abbaa qabaenyummaa (kaartaa) Lakk. isaa 533/99 kan ta’e maqaa isaaniitiin Magaalaa Sandaafaa Bakkee irraa galmaa’ee naaf kenname waan na jalaa badeef kan biraan bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu, namni ragaa kana arge yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti haa dhiyeessu. yoo hin dhiyaanne kan biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa B/Magaalaa Sanadaafaa Bakkee.

Obbo Liiban Oljirraa Baayyisaa Nagahee Lakk. isaaa 2565163,2356293,2358027 ta’eefi 103877 ta’e Maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef waan na jalaa badeef ragaan bade kun bakka bu’ee akka kennamuuf Waajjiraa keenyaa gafataaniiru. Kanaafuu namni mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 30tti yoo dhiyaachuu baatee ragaa bade kan bakka bu’ee jedhuu kana kenninuuf ta’uu ni beekifna.Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Gafrsaa Gujee.

Dammallaash G/Mikaa’eel Nagahee mirriiti iddoo mana jireenya Lakk. isaa 1382220 ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’e kennameef waan jalaa badeef kan biraa akka kennamuuf gaafataniiru. kanaafuu qaamni ragaa kana arge ykn sababa addaatiin kan qabatee jiru yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti Waajjira Lafa kutaa Magaalaa Mana Abbichuutti akka dhiyaattan , kun kan hin tanee tanaan ragaa biraa hojjenne kan kenninuuf ta’uu ibsaa,beeksifni kun bahee guyyaan isaa edda irra darbee boodaa ragaan kun yoo argamellee kan hin hojjenne ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Mana Abbichuu.

1^{ffaa} Obbo Tasfaayee Alamuutiif
2^{ffaa} Obbo Addisuu Fiqaaduutiif
Bakka Jirtanitti

Himataan Uqqubii Magaalaa Caancoo 01 iddoo kattaa jedhamu mana jireenyaa obbo Daanyee Isheetuutti torbee torbeen sassaabamuu fi Himatamtoota isin jidduu falmii siviilii jiru ilaalchisee Himatamtoonni mana murtii kanatti himatamuu keessan beekanii beellama gaafa 04/07/2016 sa’aatii 4:00irratti deebii keessan qabattanii akka dhiyaattanii falamattan ta’ee, yoo hin dhiyaanne bakka isin hin jirretti falmiin kan itti fufu ta’uu manni murtii ajajeera.M/M/A/Sulultaa.



Obbo Nuuraa Taaroo Guyyoo Nagahee Lakk.isaa 1889550 fi 300893 kan ta’e galmaa’ee kennameef waan badeef ragaa kana namni arge ykn sababa adda addaattiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, ragaa (kaartaa) kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Furii.

Aadde Sinqee Bagaashaaw Nagahee Lakk.isaa 155535 kan ta’e galmaa’ee kennameef waan badeef ragaa kana namni arge ykn sababa adda addaattiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, ragaa (kaartaa) kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Furii.

Obbo Mohammad Ahimad Nagahee Lakk.isaa 435281 kan ta’e maqaa G/Masqal Haadogootiin galmaa’ee beekamu waan na jalaa badeef ragaan bade kun bakka bu’ee akka kennamuuf Waajjiraa keenyaa gafataaniiru.Kanaafuu namni mormu yoo jiraate (dhimmi kun naa ilaalataa kan jedhu) beeksifni kun bahee hanga guyyaa 30tti yoo dhiyaachuu baatee ragaa bade kana bakka buufnee kan kenninuuf ta’uu ni beekifna.Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Buraayyuu

Dhaabbata Jinhuuan Konstiraakshinii Itti gaafatamummaan isaa Murtaa’eeitiif Bakka Jirtanitti

Himataan obbo Isheetuu Qumbii fa’aa N-4 fi Himatamaa isin jidduu falmii siviilii jiru ilaalchisee Himatamtamaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beekanii beellama gaafa 06/07/2016 sa’aatii 3:30irratti deebii keessan barreeffamaan qabattanii akka dhiyaattanii falamattan manni murtii ajajeera.M/ M/A/Kutaa Magaalaa Bokkuu Shanan.

1^{ffaa} Daawwit Abbabaa Muluuqaniitiif 2^{ffaa} Geetinnat Shumatee Alamuutiif Bakka Jirtanitti

Himataan obbo Ashannaafii Birquu fi Himatamtoota isin jidduu falmii qarshii jiru ilaalchisee Himatamtoonni kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beekanii himannaa isinirratti dhiyaate kutaa ofiseera seraatii fudhattanii beellama gaafa 09/07/2016 sa’aatii 7:30irratti dhiyaattanii akka falmattan ta’ee, kan hin dhiyaanne yoo ta’e, falmiin bakka isin hin jirretti kan itti fufu ta’uu manni murtii ajajeera.M/M/O/Magaalaa Bishooftuu.

Obbo Tashoomaa Birruutiif Bakka Jirtanitti

Oliyyataan M/A/Mirgaa Obbo Salamoon Adareefi M/A/Idaa isin jidduu falmii Dhimmaa H/Hawaasaa jiru ilaalchisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beekanii beellama gaafa 06/07/2016 sa’aatii 4:00irratti akka dhiyaattanii falamattan manni murtii ajajeera.M/M/W/Oromiyaa.

Wallagga

Dhaaltota Aadde Hullaagararsh Gulummaa fi Obbo Malkaa Ilaalaa Hulluuqaa kan ta’an Balaay, Sallamee, Askaalaa, Asnaaqach, Adaanech, Fantaayeefi Yashii Malkaa kan jedhaman mana Jireenya Magaalaa D/Dolloo ganda Yabaloo keessatti argamu Lakk. Kaartaa isaa --- ta’e bali’inni isaa kaaree meetira 250M² irratti maqaa harmee isaaniitiin gibirrii itti gabbaramaa jiruuf mana daldaalaa Magaalaa D/ Dolloo ganda Laaftoo keessatti argamu Lakk. Kaartaa isaa 286/፬፮/፻፺፮/75 ta’e maqaa harmee isaanii Aadde Hullaagararsh Gulummaatiin galmaa’ee beekamu dhaaltummaa isaanii mana murtiitiin waan mirkaneeffataniif jijjiirran maqaa gara isaaniitti akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa D/Doolloo.

Biiroo Galiiwwan Orominyaatti Waajjira Galiiwwanii Godina Wallagga Bahaatti Waajjirri Galiiwwanii Aanaa Limmuu Kaffalaa gibiraa Aanaa keenyaa kan ta’an dhaabbata sheed itiigaafataummaan isaa murtaa’e yookiin hundeessitoota dhaabbatichaa Obbo Alam Hayilee fi Obbo Mulgeetaa Hayilee Lakk. TIN 0004872808 tiin galmaa’ee kan beekamu Gibira Miindaa hojjettootaa osoo hin kaffaliin waan hafaniif akkaataa labsii Bulchiinsa Taaksii MNO lakk. 203/2009 keew. 43 ,Labsii TDQ (VAT) lakk. 285/2002 fi Labsii Sooramaa Hojjettoota Dhaabbilee Dhuunfaa Lakk. 1268/2014 keew. 11 fi 12 tiin aangoo nuu kennameen Qabeenya Abbaa Idaa Maqaa dhaabbatichaa yookiin hundeessitoota dhaabbata Kaffalaa gibiraa kanaan galmaa’anii kan beekaman

- ❖ konkolaataa loobeedii haarkisuu Lakk gabatee ET-3 31369 moodelli isaaa FIAT821042R*271-250748*,Lakk Shaansii * WJME3GPT004090075* ta’e
- ❖ Harkifamaa loobeedii Lakk. Shaansii LC99403D9AXKS8020 ta’e
- ❖ EksikaavaateraCATMoodelli isaa325CLN,lakk. Shaansii *CAT0325CCCSJ00603*Caal-baasii ifaan waldorgaomsiisee gurguruu barbaada .

Kanaafuu Namoonni yookiin dhaabbanni dorgomuu barbaaddan ;-

1. Umuriin isaa waggaa 18 tti ol kan ta’e dorgomuu kan danda’uu fi guyyaa caal-baasiin kun kallacha Oromiyaa irratti maxxanfamee ba’ee irraa eegalee guyyaa 15(kudha shan) keessatti qarshii hin debinee 300 (dhibaa saadii) tiin sanada caal-baasiif qophaa’ee Waajjira Galiiwwanii Aanaa Limmuutii bitachuu ni danda’a.
2. Dorgomtoonni guyyaa beeksifni caal-basii kun Gaazexaa kallacha Oromiyaa irratii maxxanfamee ba’ee guyyootaa 15f qabeenyichi bakka argamu Aanaa Limmuu Magaalaa galiilaa ganda 01 Waajjira poolisii aanichaa cinaatii ilaaluun ni danda’ama.
3. Dorgomtoonni sanadaa bitachuudhaan unka qophaa’ee jiru irratti ka’umsa gatii ittiin bituuf dorgomaan qarshii isaa jechaa fi lakkoofsaan barreessuun gagaadhaan samsaanii galchuu qabu.
4. Dorgomtoonni ka’umsa caal-basii qabeenyichi itti gurguramuuf taa’e keessaa 1/10 ykn 10% kabachiisaa caal-basii Baankii Daldala Itoophiyaa C.P.O qabsiisee ragaa isaa dhiyeessuu qaba.
5. Dorgomtoota keessaa kan mo’ate yeroo beekamutti guyyaa mo’ate irraa kaasee guyyaa 15 (kudha shaan) keessatti qarshii ittiin mo’ate hunda lakkoofsa herrega baankii Waajjirichi kennuuf irratti galchee fudhachuu qaba.
6. Jijjiirraa maqaa waliin wal-qabatee baasii jiru qamaa caal-basicha mo’ateen kan hagugamu ta’a.
7. Waajjirichii filannoo biraa kan argatu yoo ta’e caal-basicha guutummaa guutuutti ykn gam-tokkeedhaan haquuf mirga guutu qaba,
8. Caal-baasichi qilleensa irra guyyaa 15 erga oolee booda ; gaafa guyyaa 15 ^{ffaa} waaree booda sa’atii 10:30 irratti saamsamee dorgomtoonni ykn bakka bu’oonni fi taajjabdoonni bakka argamanitti gaafa guyyaa 16^{ffaa} Waaree dura sa’atii 5:00 irratti kan saaqamu ta’a.
9. Ibsaa dabalataaf lakk. Bilbilaa 0910130516 ykn 0917441930 irratti bilbiluun odeeffannoo dabalataa gaafachuu dandeessu . Waajjira Galiiwwaanii Aanaa Limmuu

1^{ffaa} Obbo Taarraqenyi Firoomsaatiif 2^{ffaa} Obbo Gammchiis Tamsgeeniitiif

Bakka jirtanitti

R/Himataan Maammoo Asaffaa fi R/himatamtoonni isin gidduu falmii raawwii jiru ilaalchisee mana murtii kanatti waamamuu keessan beektanii beellama gaafa 03/07/2016 sa’aatii 4:30 irratti dhiyaattanii kan raawwattan yoo ta’e nagayee keessan, hin raawwanne yoo ta’e maaliif akka hin raawwanne sababa isaa qaamaan dhiyaattanii yaada keessan akka ibsitan, manni murtii ajajeera. M/M/O/G/Wallagga Bahaa.

Aadde Aagituu Hiikaa Koonnoo mana jireenyaa Magaalaa Najjoo ganda 01 keessaa qaban Lakk. Kaartaa 4105/2014 kan ta’e karaa bakka bu’ummaa Obbo Eebbisaa Najjootiin Seenaa Laggaseetti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Najjoo.

Obbo Fiqiruu Kumarraa Yaadataa mana jireenyaa Magaalaa Najjoo ganda 03 keessaa qaban Lakk. Kaartaa 596/2006 kan ta’e Aadde Likkituu Mootii Mul’ataatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Najjoo.

Obbo Addisuu Burruusee Qannootiif Bakka Jirtanitti

Iyyattuun Aadde Muluu Taaddasee Bultumiifi waamamaa isin jidduu waa’ee murtii badiinsaa jiru ilaalchisee mana murtii kanatti waan himatamtaniif beellama gaafa 09/07/2016 sa’aatii 3:20irratti akka dhiyaattan ta’ee, dhiyaachuu baannaan iyyattuuf murtiin badiinsaa kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna. M/M/A/Gimbii.

Obbo Addisuu Taliilaa Kawwaajaatiif Bakka Jirtanitti

Iyyattuun Aadde Buzinash Taaddasee Bultumiifi waamamaa isin jidduu waa’ee murtii badiinsaa jiru ilaalchisee mana murtii kanatti waan himatamtaniif beellama gaafa 16/07/2016 sa’aatii 4:00irratti akka dhiyaattan ta’ee, dhiyaachuu baannaan iyyattuuf murtiin badiinsaa kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna. M/M/A/Gimbii.



Aadde Maartaa Fufaa mana Magaalaa Mandii ganda 01 keessatti argamu Lakk. Kaartaa MD/146/2016 kan ta’e bali`inni isaa 67M² irratti argamu dabarsanii Aadde Xooffo Maammiruutti waan gurgurataniiif maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Mandii.

Obbo Zalaalm Hayilee mana jireenyaa Magaalaa Mandii ganda 04 keessatti argamu Lakk. Kaartaa MD/635/2007 kan ta’e bali`inni isaa 646.5M² irratti argamu dabarsanii Obbo Usmaan Hundeessaatti waan gurgurataniiif maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Mandii.

Iyyataan Obbo Eeliyaas Abaatee mana Lakk. isaa 2048 ta’e Lakk. Kaartaa isaa – ta’e Magaalaa Ayiraa ganda 01 keessaa qaban Aadde Fayyinee Tashoomeetti gurguradheera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Ayiraa.

Obbo Shundaa Ruudaa mana Lakk. isaa 303 ta’e Lakk. Kaartaa isaa – ta’e Magaalaa Bondawoo keessaa qaban Obbo Bajigaa Oliiqaatti gurguradheera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Boondawoo Suchii.

Bakka Bu’aa Obbo Gannatii Guddinaa fi Aadde Saaraa Tarrafaa kan ta’an Obbo Lammii Zarihuun Tolasaa kan jedhaman mana Jireenya Magaalaa D/Dolloo ganda Yabaloo keessatti argamu Lakk. Kaartaan isaa 6442/EMMLM/07 ta’e bali`inni lafa isaa kaaree meetira 200M² irratti maqaa Obbo Gannatii Guddinaatiin galmaa’ee kan beekamu Obbo Abenezer Zarihuunitti waan gurgurataniiif maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kanaafuu kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa D/Doolloo.

Aadde Jamiilaa Fayyisaa mana jireenyaa Magaalaa Naqamtee Kutaa Bulchiinsa Burqaa Jaatoo keessaa qaban ragaa pilaanii kennameef waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu namni ragaa Pilaanii kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti akka dhiyeessu, yoo hin dhiyeessine pilaanii kan biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Naqamtee

Aadde Altaayyee Magaal mana jireenyaa Magaalaa Qaaqee ganda 02 keessaa qaban Lakk. Kaartaa isaa 1179/WBIFLMQ/2016 ta’e bali`inni lafa isaa 500M² irratti argamu Obbo Hundee Caalaatiif kennanii maqaa jijjiiruu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Mudde 4/bara 2016 Gaazexaa Kallacha Oromiyaa maxxanfamee baherratti gurguratanii jedhamee kan bahe kennanii jedhamee sirriffamee haa dubbifamu. Waajjira Lafaa Magaalaa Qaaqee.

Obbo Amaanu`eel Olaanaa Lammeessaa mana jireenyaa Magaalaa Gidaamii ganda 01 keessatti bal`ina lafaa 200M² irratti argamu lakk. Kaartaa isaa GK-3113/2013 ta’e Obbo Bulii Qalbeessaa Faradaatti gurgurachuu Waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun ba’ee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Gidaamii.

Obbo Taammanaa Kibbabuu Gammachuu mana jireenyaa Magaalaa Gidaamii ganda 01 keessatti bal`ina lafaa 200M² irratti argamu lakk. Kaartaa isaa GK/812/2011 ta’e Obbo Tashoomaa Waakkenneetti gurgurachuu Waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun ba’ee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Gidaamii.

Obbo Mulugeetaa Hordofaa waliigalteen liizii mana jireenyaa magaalaa Naqamtee ganda Calalaqii (03) keessaa qabanii lakk. isaa 3091/W/R/LI/09 ta’e waan jalaa badeef, namni ragaa kana arge ykn idaafi liqiidhaan qabate yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti akka dhiyeessu, yoo hin dhiyeessine haaraan hojjetamee kan bakka bu’uuf ta’uu beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Naqamtee

Obbo Gammachuu Araggaa mana jireenyaa Magaalaa Gullisoo ganda 01 keessatti argamu lakk.isaa 1821 ta’e lakk.kaartaasaa Bul/Mag/Gullisoo 1058/2012 bali`innisaa M² 200 irratti argamu Taaffesee Goobanaatti gurgurachuu waan barbadaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Gullisoo.

Obsii Fiqaaduutiif Bakka jirtanitti

Himataa Asaffaa Fiqaaduufi Himatamaa isin gidduu falmii siiviilii jiru ilaalchisee himatamuu keessan beektanii baallama gaafa 04/O7/2016 sa’aatii 4:00 irratti dhiyaattanii akka falmattan manni murtii ajajeera. M/M/Aanaa Magaalaa Naqamtee.

Iyyattuun Aadde Itiyoophiyaa Gannatii abbaakoo Obbo Gannatii Marshaafi Haatikoo Aadde Kibbituu Tafarii waan du’aniif mana jireenyaa Magaalaa Qaaqee ganda 01 keessatti bali`inni lafa isaa 1190M² irratti argamuu maqaa Obbo Gannatii Marshaatiin galmaa’ee beekkamu dhaaltummaa isaanii mana murtiitiin waan mirkaneeffataniif jijjiirran maqaa gara isaaniitti akka jijjiiramuuf gaafataniiru. kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Qaaqee.

Caalbaasii

Raawwiin himataa Baankii Siinqee Damee Gudayyaa Biilaafi raawwiin himatamtoota Waldaa Shariikaa Laliseefi Lammii gidduu falmii raawwii jiru ilaalchisee mana jireenyaa raawwiin himatamaa 2^{ffaa} Gammachuu Aagasaa jedhamuun galmaa’ee Magaalaa Biilaa ganda 01 keessatti argamuu mana lafa kaaree meetira 200 kan ta’e gaafa 23/07/2016 sa’aatii 3:00 irraa eegalee hanga sa’aatii 6:00tti ka’umsa caalbaasii qarshii 109,195.07tiin caalbaasii ifa ta’een dorgomsiisee gurguruu barbaada.kanaafuu qaamni mana jireenyaa raawwin himatamaa ta’e bitachuu barbaadu kamiyyu guyyaa caalbaasiin kun geggeeffamutti bakkichatti qaamaan dhiyaattanii dorgomtanii bitachuu kan dandeessan ta’uu manni murtii ajajeera. M/M/OI/G/Wallagga Bahaa

Aadde Dinsirii Birruu mana jireenyaa dhuunfaa isaanii Magaalaa Biilaa ganda 02 keessaa qaban Aadde Ayyaantuu Hundeetti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 gidduutti haa dhiyaatu. Waajjira Lafa Magaalaa Biilaa.

Obbo Qixxeessaa Tasfaa mana jireenyaa dhuunfaa isaanii Magaalaa Biilaa ganda 01keessaa qaban Obbo Roobaa Baayyisaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 gidduutti haa dhiyaatu. Waajjira Lafa Magaalaa Biilaa.

Obbo Taammiraat Kabaa mana jireenyaa dhuunfaa isaanii Magaalaa Biilaa ganda 02keessaa qaban Aadde Kuulanii Tolasaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 gidduutti haa dhiyaatu. Waajjira Lafa Magaalaa Biilaa.

Obbo Qixxeessaa Tasfaa mana jireenyaa dhuunfaa isaanii Magaalaa Biilaa ganda 01keessaa qaban Obbo Gizaachoo Taammiruutti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 gidduutti haa dhiyaatu.Waajjira Lafa Magaalaa Biilaa.

Obbo Birhaanuu Ittafaa Tuuchoo fi Aadde Zawudituu Taddasee Riqituu mana Jireenya Magaalaa D/Dolloo ganda Laaftoo keessatti argamu Lakk. Kaartaan isaa 658/Bi/91 ta’e bali`inni lafa isaa kaaree meetira 693M² irratti maqaa Obbo Birhaanuu Ittafaa Tuuchootiin galmaa’ee kan beekamu irraa qoodanii mana jirrenyaa bali`ina lafaa 200M² ta’e kennaa deebii hin qabne godhanii Obbo Gammachuu Birhaanuu Ittafaatiif waan kennaniif maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kanaafuu kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa D/Doolloo.

Niitii Du’aa Obbo Ashabbir Dagguu kan ta’an Aadde Elsaabeet Mirreessaa mana Jireenya Magaalaa D/Dolloo ganda Yabaloo keessatti argamu Lakk. Kaartaan isaa 6678/W/M/M/L/M/2007 ta’e bali`inni lafa isaa kaaree meetira 200M² irratti maqaa Obbo Ashabbir Dagguutiin galmaa’ee kan beekamu dhaaltummaa isaanii mana murtiitiin waan mirkaneeffataniif maqaan gara isaaniitti akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kanaafuu kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa D/Doolloo.

Obbo Dhugaasaa Magarsaa Magaalaa Naqamtee kutaa Bulchiinsa Calalaqii ganda 03 keessatti kan argamu mana jireenyaa ragaa abbaa qabeenyummaa Orijinaala isaa lakk.864/W/L/E/N/03 ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee beekamu waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin kan qabatee jiru yoo jiraate,beeksifni kun gaafa bahee kaasee guyyaa 20 keessatti qabattanii dhiyaachuu yoo baattan kaartaa mana jireenyaa haaraa hojjannee bakka buufnee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna.Waajira Lafa Magaalaa Naqamtee.

Obbo Cawwaaqaa Tolasaa fi Caaltuu Goofaree fa’a mana Magaalaa Bubbee ganda 01 keessatti argamu Lakk. Kaartaan isaa ---- ta’e bali`inni isaa 200M² irratti argamu dabarsanii Misgaanaa Lammaa fi Lalisee Gamtaatti waan gurgurataniiif maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Bubbee.

Aadde Tolashee Abdataa mana Magaalaa Bubbee ganda 01 keessatti argamu Lakk. Kaartaan isaa 901/BMB/2016 ta’e bali`inni isaa 200M² irratti argamu dabarsanii Addisuu Moosisaa fi Baliyyuu Yiggazuutti waan gurgurataniif maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Bubbee.

Obbo Yaadasaa Ittafaa fi Shittaayee Gannatii fa’aa mana Magaalaa Bubbee ganda 02 keessatti argamu Lakk. Kaartaan isaa 906/BMB/2016 ta’e bali`inni isaa 200M² irratti argamu dabarsanii Obbo Amaanu’eel Wandimmuutti waan gurgurataniif maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Bubbee.

Obbo Tasfaayee Tolosaa mana Magaalaa Dabbasoo ganda 01 keessatti argamu Lakk. Kaartaan isaa ---- ta’e bali`inni isaa 200M² irratti argamu dabarsanii Obbo Taayyee Gamteessaatti waan gurgurataniif maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Dabbasoo.

Obbo Nabiyyuu Taammiruu mana Magaalaa Dabbasoo ganda 01 keessatti argamu Lakk. Kaartaan isaa ---- ta’e bali`inni isaa 200M² irratti argamu dabarsanii Dabalaa Naggasaatti waan gurgurataniif maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Dabbasoo.

Obbo Ahimad Mohaammad mana Magaalaa Dabbasoo ganda 02 keessatti argamu Lakk. Kaartaan isaa ---- ta’e bali`inni isaa 200M² irratti argamu mana maqaa isaaniitiin galmaa’ee beekamu dabarsanii Misgaanuu Dhaabaatti waan gurgurataniif maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Dabbasoo

Obbo Wandimmuu Abshaalee mana Magaalaa Dabbasoo ganda 01 keessatti argamu Lakk. Kaartaan isaa ---- ta’e bali`inni isaa 100M² irratti argamu mana maqaa isaaniitiin galmaa’ee beekamu dabarsanii Baqqalaa Habteetti waan gurgurataniif maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Dabbasoo.

Obbo Kamaal Abdallaa mana Magaalaa Dabbasoo ganda 01 keessatti argamu Lakk. Kaartaan isaa --- -- ta’e bali`inni isaa 200M² irratti argamu mana maqaa isaaniitiin galmaa’ee beekamu dabarsanii Asinaat Kamaalitti waan gurgurataniif maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Dabbasoo.

Obbo Kuusaa Kabbadaa mana Magaalaa Dabbasoo ganda 01 keessatti argamu Lakk. Kaartaan isaa --- -- ta’e bali`inni isaa 200M² irratti argamu mana maqaa isaaniitiin galmaa’ee beekamu dabarsanii Beekumaa Baqqalaatti waan gurgurataniif maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Dabbasoo.

She/Tamaam Daggafaa mana Magaalaa Dabbasoo ganda 02 keessatti argamu Lakk. Kaartaan isaa --- -- ta’e bali`inni isaa 200M² irratti argamu mana maqaa isaaniitiin galmaa’ee beekamu dabarsanii Naggaa Gannatiitti waan gurgurataniif maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Dabbasoo.

Obbo Xoonee Abdiisaa fi Tashoomee Lammaa mana Magaalaa Dabbasoo ganda 01 keessatti argamu Lakk. Kaartaan isaa ---- ta’e bali`inni isaa 180M² irratti argamu mana maqaa isaaniitiin galmaa’ee beekamu dabarsanii Malkaamuu Nigaatuutti waan gurgurataniif maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Dabbasoo.

Obbo Ayyaanaa Firrisaa mana Magaalaa Dabbasoo ganda 01 keessatti argamu Lakk. Kaartaan isaa --- -- ta’e bali`inni isaa 200M² irratti argamu mana maqaa isaaniitiin galmaa’ee beekamu dabarsanii Naa’ol Taammaneetti waan gurgurataniif maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Dabbasoo.

Obbo Tasfaayee Tolasaa mana Magaalaa Dabbasoo ganda 01 keessatti argamu Lakk. Kaartaan isaa --- -- ta’e bali`inni isaa 200M² irratti argamu mana maqaa isaaniitiin galmaa’ee beekamu dabarsanii Yohaannis Gibootti waan gurgurataniif maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Dabbasoo.

Aadde Caaltuu Asaffaa mana Daldalaa Magaalaa Gullisoo ganda 02 keessatti argamu lakk. Isaa 470 ta’ee fi Lakk. Kaartaan isaa Bul/M/Gull/1726/2016 ta’e bali`inni isaa kaaree meetira 500M² irratti argamu dabarsanii Obbo Asaffaa Buliitiif waan kennaniif maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Gullisoo.

Aadde Mitikkuu Taammanaa mana dhuunfaa isaanii Magaalaa Q/kaarraa ganda 02 keessatti argamu Lakk. isaa P-0974 Bal’inni lafa isaa karee meetira ---- kan ta’e fi lakk. Kaartaa isaa 030/WBILM Q/kaarraa 2016 galmaa’ee kan jiru dabarsanii Aadde Tirfii Mijjanaatti waan gurgurataniif jijjiirraan maqaa akka ragga’uuf gaafataniiru.Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Q/Kaarra

Obbo Bayeessaa Tarrafaa mana Jireenyaa Magaalaa Qaaqee ganda 01 keessaa qaban Lakk. Kaartaa isaa 661/WBIFLMQ/2014 ta’e bali`inni lafa isaa 500M² irratti argamu Aadde Jaallannee Gazzaanyitti gurguranii maqaa jijjiiruu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Qaaqee.

Aadde Askaalee Takilee kan jedhaman haadha warraa fi guddistuu ijoollee Obbo Mitikkuu Gammachuu ta’uu isaanii mirkaneeffatanii mana Jireenyaa Magaalaa Qaaqee ganda 01 keessaatti argamu Lakk. Kaartaa isaa ---- ta’e bali`inni lafa isaa 400M² irratti argamu maqaa Obbo Mitikkuu Gammachuutiin galmaa’ee jiru gara maqaa isaaniitti akka jijjiiramu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Qaaqee.

Haqaqabeessummaa seera . . .

ajaja mana murtii malee gurguree adeemsi kaffaltii liqaaf oolchuu kan jedhamu yoo ta’u, adeemsa kanaan abbaan liqaa maallaqa irraa barbaadamu yerootti kaffaluu kan dhabe yoo ta'uu ammas yeroo akeekkachiisaa kenname keessattis kaffaluu kan hin dandeenye yoo ta’e abbaan maallaqaa qabeenyicha gurguree liqichas ni kaffala.

Adeemsi kun adeemsa Baankotiin bu’uura labsii lak 97/90 fo 98/90 qabeenya qabsiisa kenname gurguranii liqaa ittiin kaffalaniidha. Ciminni adeemsa kanaa yeroofi maallaqa bahu qusachuu kan danda’u waan ta’eef faayida qabeessa.

Haata’u malee, adeemsi kun qaama sadaffaan kan hin geggeeffamne waan ta’eef qabeenyi gurguramuuf jedhu liqicha guutummaatti deebisuu kan hin dandeenye taanaan abbaan liqaa qabeenyichi akka hin gurguramnetti himata mana murtiitti dhiyeessuu ni danda’a. Haalawwan qabeenya qabsiifame gurguranii kaffaltii liqaaf oolchan kanneen ciminaafi dadhabina mataa isaanii kan qaban yoo ta’uu, kanaan dura Itoophiyaan waggoota 40 hordofaa kan turte mirgaafi dirqama wal-falmitootaa qulqulleessanii murtii kennuurratti kan hundaa’eefi haalli raawwannaa murtichaas dheeraa waan ta’eef adeemsi kun labsii lak 65/89fi, labsiiwwan labsii kana fooyyessuuf bahan labsii lak 97/90fi 98/91 gargaaramuun mana murtii ala sirni gurguranii kaffaltii liqaaf oolchanis uumamee jira.

Barbaachisummaafi hamayyawaa adeemsa kanaa ilaalchisee labsiin lak 97/90 seensa irratti akkasjedhuunibseejira.Qabeenya dhaabbatoofi socho’oo baankotiin wabiin qabatanii jiran murtii mana murtiin akka gurguraman gochuufi murtii kanas raawwachiisuun yeroo dheeraa kan fudhatu waan ta’eef, baankiwwan liqaa liqeessanii dhala isaatiin jiraatan irratti miidhaa guddaa kan fidu waan ta’eef, baankotiin maallaqa hojiiwwan diinagdee adda addaa akka hojjetamuuf liqeessan yerootti akka deeffatan taasisuufi gara fuulduraattis hojimaata daldalaa mijataa ta’e uumuuf haala gurgurtaa qabeenyawwan baankotiin wabiin qabatan fooyyessuun barbaachisaa ta’eera jedha.

Seensa labsichaa irratti akkuma ibsame baankotiin maallaqa liqii laatan haala duraan tureen walitti haa qabatan yoo jedhame imaammataafi tarsiimoo diinagdee biyyi keenya hordofaa jirtu kana miidhuu waan ta’eef adeemsa akaakuu lama qabu kana hordofuun barbaachisaa ta’ee argamee jira. Kanaafuu, Itoophiyaan qabeenya wabiidhaan qabaman kanneen manni murtiin yoo kaan baankiin akka gurguramuuf kan hayyamamuufi haalli galmee isaatiis bifuma kanaan ta’uusaa hubachuun barbaachisaadha.

Wirtuu Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa Federaalaatiin qophaa’ee Inistitiiyuutii Leenjii Qaamolee Haqaafi Qo’annoo seera Oromiyaatiin hiikamee leenjii leenjifamtoota hojiin duraatiif dhiyaatedha





Ispoortii



Shaampiyoonaan Ispoortii manneen Barnootaa Oromiyaa 5^{ffaa}n xumurame

Galaanaa Kumarraatiin

Wal-dorgommiin Shaampiyoonaa ispoortii manneen barnootaa Naannoo Oromiyaa marsaa 5ffaan Magaalaa Baatuutti guyyoota 12'f gaggeeffamaa ture xumurame.

Guyyaa xumura dorgommichaattis Hogganaan Biiroo Barnootaa Oromiyaa Doktor Tolaa Bariisoo, Hogganaan Biiroo Dargaggoofi Ispoortii Oromiyaa Obbo Maatiwoos Sobbooqaafi qooda fudhattoonni biroon argamaniiru.

Ispooorteessitoota ciccimoo horachuu, guddina hawaasummaa, dinagdee, jaalalaafi walitti dhufeenya biyyaa cimsuu keessatti shoora olaanaa qabaachuun kan itti amaname wal-dorgommin Shaampiyoonaan ispoortii manneen barnootaa Naannoo Oromiyaa kun gosoota ispoortii kubbaa miilaa, kubbaa saaphanaafi fiigichaanidha geggeeffamaa kan ture.

Wal-dorgommii kubbaa miilaa shamarranii geggeeffamaa tureen Magaalaan Adaamaafi Shaashamannee tapha xumuraa Waancaaf kan taphatan yoo ta'u, Adaamaan injifachuun Waancaa yoo badhaafamu, kubbaa miilaa dhiirotaan ammoo Magaalaan Baatuu Godina Arsii Lixaa injifachuun badhaafamaa waancaa ta'eera..

Haaluma walfakkaatuun Wal-dorgommii kubbaa saaphanaa dubartootaa geggeeffamaa tureen Godinni Jimmaa sadarkaa 1ffaan injifachuun waancaa yoo fudhatu, kubbaa saaphanaa dhiirotaan ammoo Godinni Arsii Lixaa injifachuun waancaa badhaafameera.

Gama biraatiin wal-dorgommii atileeksii saala lamaaniin Bulchiinsi Magaalaa Shaggar

injifachuun badhaafamaa Meedaaliyaa Warqee ta'eera.

Hogganaan Biiroo Barnootaa Oromiyaa Obbo Tolaa Bariisoo Bulchiinsi Magaalaa Baatuu wal-dorgommicha haalaa gaariin qopheessuudhaaniif Godinni Iluu Abbaaboor ammoo naamusa gaariidhaan waancaa badhaafamaniiru.

Akka waliigalaatti wal-dorgommii tapha kubbaa miilaa dhiirotaan Magaalaan Baatuu 1ffaa, Godinni Arsii Lixaa 2ffaafi Magaalaan Adaamaan 3ffaan xumuruun walduraa duubaan meedaaliyaa warqee, birriifi naasii badhaafamaniiru. Kubbaa miilaa dubartootaan ammoo Bulchiinsi magaalaa Adaamaa 1ffaa, Shaashamanneen 2ffaafi Magaalaalaan Shaggar sadarkaa 3ffaan ba'uun walduraa duubaan meedaaliyaa warqq, birriifi naasii badhaafamaniiru.

Haaluma wal-fakkaatuun wal-dorgommii kubbaa miilaa dhiirotaa geggeeffamaa tureen gareen kubbaa miilaa Godinni Arsii Magaalaan Baatuu tapha xumuraa Waancaatiif kan ga'an yammuu ta'u, tapha garee lameen gidduutti taasifameen gareen Kubbaa Miilaa Magaalaa Baatuu galii 1 galchuun garee kubbaa miilaa Godina Arsii injifachuun badhaafamaa Waancaa ta'eera.

Cufiinsa Sagantaa Shaampiyoonaa wal-dorgommii ispoortii marsaa 5ffaa Magaalaa Baatuutti geggeeffamaa ture kanarratti argamuun ergaa kan dabarsan Hogganaan Biiroo Barnootaa Oromiyaa Doktor Tolaa Bariisoon qaamolee milkaa'ina guddaa galmeessuun badhaasawwan adda addaa argataniifi barattoota urjii ta'uun filatamaniin бага gammaddan jedhaniiru.

Qaamolee milkaa'ina wal-dorgommii kanaaf tumsan hundas galateeffataniiru.

Ispoortii fayyaa qaamaafi sammuuf murteesaada ta'uu dubbatanii, Manneen barnootaa keessatti isportessitoonni ciccimoon ballinaan akka horatamaniif caalaatti ciminaan biirichi kan hojjetu ta'uu ibsaniiru.

Bara dhufus karaa naannolee biyyattii hirmaachiseen wal-dorgommiin kun gosoota ispoortii biro dabaluun ballinaan ni geggeeffama, wal-dorgommiin ispoortii manneen barnootaa Naannoo Oromiyaa keessatti caalaatti cimee akka itti fufuuf ni hojjetamas jedhan Dr.Tolaan.

Hogganaan Biiroo Dargaggoofi Ispoortii Oromiyaa Obbo Maatiwoos Sobbooqaa gamasaaniin wal-dorgommiin geggeeffamaa ture kun gosoota ispoortii sadaniinuu karaa milkaa'ina qabuun kan xumrame ta'uu himanii, sababoota adda addaan adda citee ture, kunis kufaatii ispoortii naannichaaf sababa guddaa ture. Bara kana qindoomina Biiroo Barnoota Oromiyaatiin eegalamuunsaa ispoortii naannichaaf carraa guddaa kan uumuudha jedhan.

Bara kana jalqabbiif godinaaleen 9fi magaaloonni 15 kan hirmaatan yammuu ta'u, bara dhufutti karaa guutuu ta'een hirmaachisuuf ni hojjetama jedhaniiru.

Akka waliigalaatti waliigalaatti wal-dorgommiin Shaampiyoonaa ispoortii Manneen Barnootaa Naannoo Oromiyaa Marsaa 5ffaa Magaalaa Baatuutti geggeeffamaa ture kanaan Bulchiinsi Magaalaa Shaggar Shaampiyoonaa ta'uun kan xumure yammuu ta'u, badhaafamaa waancaa 2 ta'uu danda'eera.

Dhaabbata Birihaaninnaa Salaamitti Maxxansame